# GARAAGARUMMAA LOOGA AFAAN OROMOO JIILLEE TUULAMAAFI WAYYUU ARSII GIDDUUTTI MUL'ATU GAMA XINQOOQA HAWAASUMMAATIIN

**QORATTUUN: ZAAMBIYAA ABDULQAADIR KAAWOO**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAA GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOAFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**AMAJJII 2022/14**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

# GARAAGARUMMAA LOOGA AFAAN OROMOO JIILLEE TUULAMAAFI WAAYYUU ARSII GIDDUUTTI MUL'ATU GAMA XINQOOQA HAWAASUMMAATIIN

**QORATTUUN: ZAAMBIYAA ABDULQAADIR KAAWOO**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA(DR.)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**AMAJJII 2022/2014**

**YUUNIVARSIITII FINFINNE**

**YUUNVARSIITII FINFINNEE**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURATIIN BOODDEE**

Waraqaan qorannoo kun *Zaambiyaa Abdulqaadiriin*, mataduree: "Garaagarummaa looga Afaan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Wayyuu Arsii gidduutti mul'atu gama xinqooqa hawaasummaatiin" jedhu irratti ulaagaa digirii lammaffaa barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriiitiin guuttachuuf qophaa'ee kan dhiyaate yoo ta'u, hojii dhuunfaa koo isa jalqabaata'ee akka seera Yuunvarsiitichaatti sadarkaafi qulqullina isaa eegee kandhiyaate.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa_______________________________Mallatto_____________ Guyyaa_____________

Qoraa keessaa___________________________Mallattoo___________Guyyaa_____________

Gorsaa_________________________________Mallattoo___________Guyyaa_____________

____________________________________________________________

Dura taa'aa muummee yookiin walitti qabaa digirii lammaffaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


AXEREERAA ........ iv

GALATA ........ v

JIBSOO ........ vi

BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........ 1

1.1 Seendubee Qorannichaa ........ 1

1.2.Ka’umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 5

1.3.2 Kaayyoo GooreeQorannichaa ........ 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6.Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Qindeeffama Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 8

2.1. Seensa ........ 8

2.2. Maalummaa Afaanii ........ 8

2.3.Tajaajila Afaanii ........ 9

2.4.Hariiroo Afaaniifi Hawaasaa ........ 9

2.5. Yaadrimee Loogaa ........ 9

2.5.1. Sababoota Uumama loogaa ........ 11

2.5.2. Akaakuuwwan Loogaa ........ 13

2.5.2.1. Looga Naannoo ........ 13

2.5.2.2. Looga Hawaasummaa ........ 13
2.6. Akkaataa Garaagarummaan Looga Ittiin Mul'atu ........ 14
2.6.1. Sadarkaa Sagalee ........ 16
2.6.2. Garaagarummaa Sadarkaa Jechaatti Mul'atan ........ 17
2.6.3. Garaagarumma Sadarkaa Himaatti Mul'atan ........ 18
2.7. Looga Afaan Oromoo ........ 19
2.8. Tokkummaafi Garaagarummaa Afaaniifi Loogaa ........ 21
2.9. Ilaalcha Hayyoonni LoogaafQaban ........ 22
2.10. Sakatta'a Baruu Walfakkii Qaban ........ 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 25
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 25
3.2. Mala Qorannichaa ........ 25
3.2.1. Irraawwatama Qorannichaa ........ 26
3.2.2. Madda Ragaalee ........ 26
3.2.3. Iddattoo Qorannichaa ........ 26
3.2.4. Malleen Funaansa Ragaa Qorannichaa ........ 27
3.2.4.1. Af-gaaffii ........ 27
3.2.4.2. Daawwannaa ........ 28
3.2.5. Mala Qaaccessaa Ragaalee ........ 29
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXAL RAGAALEE ........ 30
4.1.Seensa ........ 30
4.2.GaraagarummaaLoogawwan Lamaan Jidduutti Dhamsagarratti Mul'atan ........ 30
4.2.1.Garaagarummaa loogaa Sadarkaa Sagaleessuu ........ 30
4.2.2.Firoommii Dhamsagootaa ........ 33

4.2.2.1. Jechoota Bifa Firoomina Fagootiin Hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii JidduuttiMul'atu. .......... 34

4.2.2.2.Garaagarummaa sababa sagalee dubbachiiftuun hawaasa lamaan jidduutti mul'atan.......... 35

4.2.2.3.Jechoota muraasarraa dhamsaga jalqabaa haquun mula'atan .......... 35

4.2.2.4. Jechoota sababa Waljafuun uumaman.......... 36

4.3. Garaagarummaa Sadarkaa Jechootaatti Loogawwan Lamaan Jidduu Jiru. .......... 37

4.3.1. Garaagarummaa Jechoota Moggoo .......... 37

4.3.2. Garaagarummaa JechootaMasoo .......... 38

4.4. Garaagarummaa Himaattii Loogawwan Lamaan Jidduuttii Mul'atan. .......... 39

4.5. Ilaalcha Hawaasni Looga Irratti Qabu. .......... 41

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA,ARGANNOOFI YABOO.......... 42

5.1. Guduunfaa .......... 42

5.2. Argannoo.......... 43

5.2.1. Sadarkaa dhamsagaatti adda addummaa mul'atan.......... 43

5.2.2. Garaagarummaa Sadarkaa Jechaatti Qaban.......... 44

5.2.3. Sadarkaa Himaatti Garaagarummaa Qaban.......... 44

5.3.Ilaalcha Hawaasni Looga Irratti Qabu. .......... 45

5.4.Yaboo .......... 45

Wabiilee .......... 47

DABALEE- A.......... 50

DABALEE-B.......... 52

DABALEE-C.......... 54

# *AXEREERAA*

*Afaan Oromoo uummata itti fayyadamu baay'ee ta'e qabaachuufi Oromiyaan lafa bal'aa qabdu irratti ummanni ishii addaan fagaatee qubachuu isaa irraa kan ka'e,loogawwan garaagaraa akka qabaattuuf sababa ta'eera. Kanamalees, hawaasuma afaan tokko dubbatufi daangaa waliin qooddatu gidduutti garaagarummaan loogaa akka jiru hubachuun nidanda'ama. Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiilleen Tuulamaa ollaa waliiti. Daangaa waliin qooddatu,Afaan tokkos,Afaan Oromoo dubbatu. Garuu,loogaan garaagara. Haaluma kanaan,qorannoon kunis,kan adeemsifame garaagarummaa looga Afaan Oromoo hawaasa Oromoo godina Shawaa Bahaa aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi aanaa Booraa irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalamee kan dhiyaatedha. Ka'umsi qorannoo kanaas, dhimma loogawwan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii Waayyuu ilaalchise wal madditti qabuun dhamsagaa hanga himaatti xiinxalli gaggeeffame hinjiru. Kun immoo garaagarummaa loogawwan kanneen qaban hubannoo kanaaf qabnuu hir'isuu danda'a. Hir'inni hubannoo kunis hubannoo waliigalaa looga Afaan Oromootiif qabnu uumuu danda'a. Yaada jedhuutu sammuu isheetti uumeejira. Kanaafuu,qorattuun barattoota gidduutti,gabaafi bakkeewwan walga'iitti garaagarummaan loogaa kun saba tokkicha afaan tokko dubbatuufi daangaa waliin qooddatu gidduu jiru maal maal akka ta'ee xiinxalli gaggeessun garaagarummaa dhamsagaa hanga himaattii qabachuun isaanii adda bahe jira. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas garaagarummaa looga Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu wal-bira qabuun xiinxaluun ibsuudha. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaaf hojiirra oole madda tokkoffaadha. Iddattoo carraa tasaa gargaaramuun odeeffannoon afgaaffiifi daawwannaan funaanamee mala akkamtaan qaacceffame. Haaluma kanaan,garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu sadarkaa sagaleetii hanga sadarkaa himaatti ta'uu adda ba'eera. Akkasumas,garaagarummaan loogaa kun hawaasa yookiin afaan kameenu biratti jiraachuu isaa beekuu dhabuu hawaasichi ilaalcha sirrii waliif akka hinqabne bira ga'ameera.*

# GALATA

Yaada koo jalqabee hanga dhumaatti kan na xumursiise Rabbiin guddaan galateeffadha. Qorannoo kana wixinee irraa hanga dhumaatti nacinaa dhaabbatanii deeggarsa ogummaa kan naaf godhan gorsaa koo Dr. Addunyaa Barkeessaa galatni koo lapheerraa madde isaan haa ga'u.

Dabalees, seexaa natti uumuun dadhabbii ammana hinjedhamne nawaliin dabarsuun sadarkaa kanarra akkan ga'uuf gargaarsa daangaa hinqabne kan naaf taasisaa ture abbaa warraa koo Muhaammad Gammadaafi barsiisaa Shibbiruu Baqqalaaf kabaja ani qabu olaanaadha. Kana malees,Instiraaktar Galgaluu kaawoofi obboloota koo hundumaa kanneen deeggersa yaadaafi ogummaa naaf godhaniin galata argadhaan jedha.

Itti dabalataanis,milkaa'ina barnoota kootii kanaaf kanneen deeggersa yaadaafi meeshaalee barreeffamaa adda addaa kan naaf taasisan guddaan galateeffadha. Akkasumas, hiriyyoota koo kanneen deeggersa yaadaafi ogummaa naaf taasisan hunda isaaniitiin horaa bulaa jedha.

Dhuma irrattis,Yuunivarsiitii Finfinneefi muummee Afaan Oromoo qorannoo kana hojjedhee akkan xumuruuf carraa kana waan naaf kennaniif guddaa haa galatoomu,dagaagees haa jiraatun jedha.

JIBSOO

Axereeraa ……………………………………………………………….. Abstract
Dhamsaga……………………………………………………………... Phonems
Eeyyentaa ……………………………………………………………... Affirmation
Firoommii Sagalee ………………………………………………………. Assimilation
Garaagarummaa Loogaa …………………………………………………. Dialect variation
Hi'eentaa ……………………………………………………………….. Negation
Iddoo waljijjiirraa Sagalee………………………………………………… Metathesis
Jechoota hiika faallaa walii qaban …………………………………… .Antonymous Jechoota unkaafi sagaleen tokko
ta'anii hiikaan garaagara ta'an…………………………………………… Homonymous
Lagassaga ………………………………………………………………Phonological process
Lakkoofsa tartiibessuu ……………………………………………………Cardinal Numbers
Looga hawaasummaa ………………………………………………….....Social Dialects Looga
Teessuma lafaatiin…………………………………………………………Regional dialects
Looga ……………………………………………………………………… Dialect
Qoqqoodinsa loogawwanii………………………………………………….Divission of Dialects
Sagaleessuu…………………………………………………………………Pronuonciation
Jechoota hiikaan garaagara ta'an…………………………………………… Homonymous
Walbaqannaa sagalootaa ……………………………………………………Dissimiletion
Yaboo…………………………………………………………......... Recommendation

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1 Seendubee Qorannichaa

Afaanota addunyaa irratti haasawaman yoo gad-fageenyaan xiinxallu,hawaasuma afaan tokko dubbatu gidduutti garaagarummaan haasaa akka jiru hubachuun nidanda'ama. Yaada kana cimsuudhaan,Wolfram et al., (1999) "Naturally a single language exists in different varieties." Kana jechuun,afaan tokko keessatti haalawwan haasaan adda addaa jiraachuu akka danda'udha. Dabalataanis,hayyoonni kan akka Rogers et. al.,(2004) fi Munrofi Derwing (1995) garaagarumaa looga/haasaa ''increasingly we interact with individuals who speak our language in an unfamiliar regional accent (e.g. English spoken by a native English speaker from a different region) or in a non-native accent (e.g. English spoken by a person whose first language is not English)''. Yaada hayyoota kanaa irraa hubachuu kan dandeenyu,haasaan namoota Afaan Ingiliizii afaan dhalootaa ta'eefi afaan dhalootaa kan hintaane gidduutti garaagarummaan loogaa akka jirudha.

Gabaasota qorannoo adda addaa irraa hubatamuu akka danda'ametti,Afaan Oromoo afaanota gurguddoo dachee Afriikaa keessatti haasawaman keessaa isa tokkodha. Fakkeenyaaf,Mekuria (1994) "It is one of the major indigenous African languages that is widely spoken and used in most parts of Ethiopia and some parts of the neighboring countries". Kunis,dhugaa kan bahu, Afaan Oromoo afaanota hundeen isaanii Afrikaa ta'e keessaa isa tokko akka ta'eefi baay'inaan Itoophiyaafi biyyoota ollaa keessatti kan dubatamu ta'uu isaati.

Afaan Oromoo afaanota dacheen Afrikaa horatte keessaa isa tokko kan ta'eefi biyyoota Afrikaa hedduu keessatti kan haasa'amu ta'uu isaa beekamaadha. Yaada kana deeggaruun,Tilahuun,(1993) akkas jedhee ibseera, "…outside Ethiopia, Afan Oromo is spoken in Kenya, Somalia, Sudan and Tanzania." Kunis, kan agarsiisu,Afaan Oromoon Itoophiyaan allattis,Keeniyaa,Somaaliyaa,Suudaaniifi Taanzaaniyatti kan haasa'amudha. Kun immoo,Afaan Oromoon Afrikaa keessatti bal'inaan kan dubbatamu ta'uu agarsiisa."These make Afan Oromo one of the most widely spoken languages in Africa" (Bender, 1976).

Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoon eessatti akka dubbatamu agarsiisuuf hayyoonni kan akka Aliifi Zaborski (1990) akkas jechuudhaan kaa'aniru. "Afan Oromo is spoken in a vast territory of Ethiopia ranging from Tigray in the North to the Central Kenya in the South, and from Wallagga in the West to Harar in the East. Yaada kanarraa kan hubannu,Afaan Oromoon daangaa

Itoophiyaa keessatti kallaattii Kaabaatiin,Tigraayii kaasee hanga kallattii Kibbaa giddu-galeessa Keeniyaatti,karaa Dhihaatiin,Wallaggaa kaasee hanga kallattii Bahaa Harariitti kan dubatamu ta'uu isaati. Kanaan walqabisiisuun,afaanichi bakkeewwan kanniin keessatti loogoowwan adda addaatiin akka haasa'amu akkas jechuudhaan ibsaniiru. "In these areas, it is spoken with several dialects" (Ibid). Dabalataanis,maalummaa loogaa ilaalchisee Cambridge Online Dictionary (ND), akkanatti hiikee jira, '… (the ways in which words are said) that are different from the forms used in other parts or by other groups'. Kunis,kan agarsiisu adda addummaa haala namoonni jechoota ittiin jedhan/dubbatan kan namoota garee biraa irraa adda ta'uu isaati.

Uummanni Oromoo sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessatti argaman keessaa tokko ta'ee, uummata guddaafi lafa bal'aa irratti qubatee jiraatuudha. Afaan Oromoo Itoophiyaa keessatti qofa kan dubbatamu osoo hintaane Keeniyaa,Taanzaaniyaa,Somaaliyaafi k.k.f keessatti bal'inaan kan dubbatamudha. Kana malees,waa'ee Afaan Oromoo Benderfi Mulugeta,(1976:166) yoo ibsan,"Oromo is one of the language of the lowland East cushitic with in the cushitic family of the Afro_Asiatic phylum." jedhu. Akka yaada kanaatti,Afaan Oromoon afaan uummata Oromoo ta'ee,afaanota Afroo Eeshiyaa keessatti hortee kuush akka ta'e hubatama. Afaan kun dubbattoota hedduu kan qabu ta'uu,Afrikaa keessatti Afaan Arabaafi Hawusaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti argamuu isaa hayyoonni (Bender and Mulugeta (1967) ibsanii jiru. Addunyaan (2011) Hayyoota kanneen akka (Daraaraafi muhammad (2008) wabeeffachuun yoo ibsu,Oromiyaan naannooleefi biyyoota garaagaraankan daangeffamte yoo ta'u,Kaabaan naannoo Tigraay,Dhihaan Suudaan ,Kibbaan Kaaba Keeniyaa fakkeenya tuquun nidanda'ama. Afaan Oromoo bakka Oromoon jirutti kan dubbatamu yoo ta'u,looga garaagaraa qaba. Looga afaanichaa kana kaan saddeetitti,kaan shanitti,kaan afuritti qoodu. Kanumaan walqabatee, akkaataa qoqoodama looga Afaan Oromoo armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

> *…the genetic units classification of Afan Oromo dialects are ten. Among these, six of them are the present dialect areas (i.e., Western, Central, Eastern, Wallo, Raya-spoken in Ethiopia and Waata-spoken in Kenya) and four of them (i.e., East, South-East, North, North-East) (Kebede 2009).*

Haaluma armaan olitti ibsametti,loogni Afaan Oromoo bakka kudhanitti akka qoqqoodamudha. Kanneen kessaas,isaan jahan (Walloo,Raayyaa,Dhiha,Gidduu-gala,Bahaa Itoophiyaafi Keeniyaa Waataa keessatti kan dubbatamu yoo ta'u)fi afran isaanii immoo, Baha,Kibba-Bahaa,Kaabaafi Kaaba-Bahaa Itoophiyaatti kan dubbatamu ta'uu isaati. Bantiin(2008*)* Loogawwan afaan

Oromoo bifa itti aaneen ibsa. ... classifies the main known dialect groups of Afan Oromo spoken inEthiopia into: 1) Northern Afan Oromo (Baate and Raayyaa), 2) WesterAfan Oromo (Macca), 3) Highland Shawan Afan Oromo (Tuulama), 4)Eastern Afan Oromo (Hararge), 5)Central Afan Oromo (Gujii and Arsii),and 6) Southern Afan Oromo (Boorana ).

Walumaagalatti,haalli qoqqoodsi loogawwan Afaan Oromoo ragaawwan argaman irraa wanti hubannu,baay'inaan haala qubannaa uummata saba afaanichaa irratti hundaa'uun kan qoqqoodaman yoo ta'an,haalli qoqoodinsaa immoo,garaagarummaa kan qabu yoota'u qabatamaan bakka kanatti qoodame jechuuf waldhahaa namatti ta'a.

Afaan Oromoon uummata itti fayyadamu baay'ee ta’e qabaachuufi Oromiyaan lafa bal’aa qabdu irratti ummanni ishii addaan fagaatee qubachuu isaa irraa kan ka’e,loogawwan garaagaraa akka qabaattuuf sababa ta’eera. Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiilleen Tuulamaa ollaa waliiti. Daangaa waliin qooddatu,Afaan tokkos,Afaan Oromoo dubbatu. Garuu,loogaan garaagara. Kanaafuu, qorannoon kunis,kan adeemsifame garaagarummaa looga Afaan Oromoo hawaasa Oromoo godina Shawaa Bahaa aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi aanaa Booraa irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalamedha. Kunis,hawaasa Oromoo Afaan Oromoo dubbatan aanaalee lamaan kanneen keessa jiraatan gosa Oromoo Waayyuu Arsiifi gosa Oromoo Jiillee Tuulamaa gjidduutti jiru xiyyeeffachuudhaan maal akka ta'ee qaacceessuun garaagarummaan loogaa kun saba tokkicha afaan tokko dubbatuufi daangaa waliin qooddatu gidduutti uumamee kun maal akka fakkaatu hubannoo dabalataa dubbattoota afaanichaaf ibsuudha. Kanaafuu,qorannoon kun mata-duree‘Garaagarummaa looga Afaan Oromoo Jillee Tuulamaafi Wayyuu Arsii gidduutti mul’atu gama xinqooqa hawaasummaatiin’ jedhurratti qaaccessuun ibsameera.

## 1.2.Ka’umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo itti fayyadomtoota hedduufi lafa bal'aa ta'ee irratti akka itti fayyadaman hayyoota garaagaraatiin ibsamee jira. Kanneen keessaa Hayyuun Bender (1976:166)jedhamu yoo ibsu, "Oromo is spoken over large area. Extending from in Wallo in the Northern, Kenya in the South, and from Wallaga in the West to Harare in the East with Addis Ababa in the intersection of the two axes".jechun ibsa. Yaada kana irraa kan hubatamu, Ummanni Oromoo daangaa bal'ina qabu irra jiraachuufi fayyadamtoota afaan Oromoo hedduu qabaachuu isaa irraa kan ka'e addaan fagaatee kan jiraatuufi loogawwan garaagaraa kan qabu ta'uun isaa ibsa (The journal of Oromo studies 2006).

Loogawwan Afaan Oromoo bal'ina qabaataniillee qorannoon gadi fageenyaan irratti gaggeeffame gadaanaa akka ta'e hubachuun nama hinrakkisu. Keessattuu,looga Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa walbira qabuun qorannoon irratti gaggeeffame ragaan barreeffamaa hinagarre. Jiildiiwwan Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaatiin qophaa'anis baay'inaan kan irratti xiyyeeffatan loogawwan jiran jechoota isaan itti fayyadaman irratti hiika waaltawaa itti kennuu irrattidha. Ka'umsi qorannoo kanaas, loogawwan Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa biratti garaagarummaan loogaa kun saba tokkicha afaan tokko dubbatuufi daangaa waliin qooddatu gidduutti jiraachuu ilaalchise wal maddiitti qabuun dhamsagaa hanga himaatti xiinxalli gageeffame hinjiru. Kun immoo garaagarummaa loogawwan kanneen qaban hubannoo/ beekumsa kanaaf qabnu hir'isuu danda'a. Hir'inni hubannoo kun immoo hubannoo waliigalaa looga Afaan Oromootiif qabnu uumuu danda'a. Yaada jedhuutu sammuu isheetti uumeejira. Rakkoo/hir'ina hubannoo dabalataa kanaaf ammoo qorannoo gaggeessutuu fala ta'a waan ta'eef qorannoo kanatti akka galu godhee jira. Keessattuu,garaagarummaa looga afaan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu jiru dubbattoonni afaanichaa afaanicha keessa garaagarummmaan loogaa jiraachuu isaa beekuu dhabuun hir'ina hubannoo uumeera.Bu'uuruma kanaan,hojiin qorannoo kunis, garaagarummaan isaan gidduutti mul'atu maal maal irratti akka ta'e xiinxaluun ibsuudha. Kanarraa ka'uun,afaan tokko keessatti garaagarummaan loogaa akka jiru qorachuun hubannoo dabalataa kennuun fala ta'a waan ta'eef loogawwan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii ilaalchisee walmaddii qabuun dhamsagaa hanga himaatti qaacceessuun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii barbaaduudha.Gaaffiiwwan ka'umsaa kunniinis:

- Garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti mul'atu maali?
- Garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti sadarkaa kamfaarratti mul'ata?
- Garaagarummaan haasaa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu akkamiin ilaalcha isaan waliif qaban ibsa?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qoodamee akka armaan gadiittii dhiyaatee jira.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa garaagarummaa looga  Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu wal-bira qabuun xiinxaluun ibsuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo GooreeQorannichaa

- Garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti mul'atu maal maal akka ta'e addaan baasuu.
- Garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti sadarkaa kamfaarratti akka  mul'atu addeessuu.
- Garaagarummaan looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu ilaalcha isaan looga irratti waliif qaban ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Akkuma ka'umsa qorannoo kanaa keessatti ibsuuf yaalametti,loogawwan Afaan Oromoo bal'ina qabaataniillee qorannoon gadi fageenyaan irratti gaggeeffame gadaanaa akka ta'e ibsameera. Kanaafuu,qorannoon kun garaagarummaa looga Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu xiinxaluun bu'aa qorannichaa joornaalizimii beekamaa irratti maxxansuun bu'aalee armaan gadii akka qabaatu itti amanama.

- Kaayyoo qorannoo kanaan walqabatee garaagarummaa loogaa kan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu addaan baasuun bu'aa guddaa qaba. Kunis, garaagarummaan loogaa afaan tokko keessatti akka uumamuu danda'u hubannoo gadi fageenyaa hawaasichaa kan cimsuu waan ta'eef kooppiin qorannoo kanaa Waajjiira Aadaafi Turiizimii kaa'uun akka madda odeeffannootti tajaajiluu nidanda'a. Dabalataanis, waraqaan qorannoo kanaa mana kitaabaatti waan hafuuf dhaloonnii itti fayyadamaa ta'uu danda'u.
- Barsiisotaafi hayyoota xiinqooqatiif gahee olaana qaba.Kunis,barsiisonni garaagarummaa looga afaanicha keessa jiraachuu isaa beekuun haala hawaasicha giddugaleeffateen akka barsiisan hubachiisa. Akkasumas,hayyootni xiinqooqaa garaagarummaa loogaa afaanicha keessa jiru hubachuun jijjiirama hawaasni kallattii adda addaatiin afaan irraan ga'u qo'achuufi kitaabilee adda addaa akka barreessaniif gulaalan gargaara.

- Barreessitootaafi ogeeyyii kitaaba barnoota afaanii qopheessaniif,waaltainaafaanii eeguun akka qopheessan jajjabeessuun galtee ta'a.
- Naamootaafi qaamoota mata-duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uun nigargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame mata-duree qaacceessa garaagarummaa looga Afaan Oromoo naannoo Oromiyaa hawaasa Oromoo godina Shawaa Bahaa aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi aanaa Booraa irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha.

Loogawwan Oromiyaa keessa jiran hunda irratti qorannoon gad-fageenya qabu osoo gaggeeffamee bu'aan isaas walfaana bal'aa ta'a ture. Haata'u malee,qorannoon kun humnaafi yeroo bu'uura godhachuun looga Afaan Oromoo hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Oromoo Jiillee Tuulamaa qofa irratti kandaangeffamedha.

Qabiyyeen isaas,loogawwan kanneen keessatti garaagarummaa isaan gidduu jiru sadarkaa dhamsagaatti,sadarkaa jechaattiifi sadarkaa himaatti gama tajaajilaatiin adda addummaa qaban xiinxaluurratti daangeffamee jira.

## 1.6.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu rakkooleen garagaraa mudachuu nidanda'a. Qorannoon kun gadi faggeenyaafi bal'inaan loogawwan Oromiyaa keessatti argaman hunda irratti osoo gaggeeffamee faayidaan inni qabus walfaana bal'aa ta'a ture. Haata'uu malee,qorattuun loogawwan Oromiyaa hunda irratti qorannoo bal'aa ta'e gaggeessuudhaaf humna amma qabdu waliin yoo madaalamu,funaansa ragaaleef maddi baajataa kan ishee daangessu ta'uu isaafi sababa tatamsa'ina dhukkuba vaayirasii koronaa biyyattii keessatti mudateen odeeffannoo gahaafi bal'aa funaannachuu dhabuun hanqina qorannichaati. Kanamalees,asiin dura mata duree kana irratti qorannoon gadi fageenyaafi bal'aa ta'e kan gaggeeffameeru ragaa gahaan hinargamne.kanarraaa kan ka'e,qorannoon kun loogawwan Afaan Oromoo keessaa hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa qofa irratti akka gaggeffamu ta'uun bu'aan qorannichaas hanga ta'e daanga'uun isaa hinoolu. Kana ta'uun immoo,hanqina qorannichaati. Kana malees,odeeffannoo bal'aafi gahaa argachuuf iddoodhaa iddootti socho'uun sababa dhukkubni vaayirasii koronaa biyyattii keessatti babal'achaa jiruuf dhorkaa ta'uun isaa qorattuun

akka barbaadametti socho'uun daawwannaa ishee gaggeessuun fiixaan baasuurratti odeeffanoo gahaa ta'e dhabuun qorannoo kanaaf hanqina ta'uu danda'a. Ta'us,hanqinaalee ishee mudate kana tooftaalee garaagaraa fayyadamuun hojii qorannoo kanaa gaggeessitee jirti.

Qorattuun,qorannoon kun hanqinaan akka gufatee hinhafne tooftaalee hanqinoota kanneen ittiin maqsituu uummachuun rakkoo baajataa ishee mudateef qusannaafi karooratti fayyadamuun qo'annoo ishee gaggeessitee jirti. Rakkoo hanqina yeroofis sagantaadhaan qorannichi akka xumuramu godhamee jira. Dhimma ragaa ka'umsaa dhabamuu hiikuu ilaalchisee qorannoowwan biyya alaa kan walitti dhufeenya qabaniifi kan biyya keessaa ta'anii looga Afaan Oromootiin gaggeffaman,websaayitii adda addaa irraa barbaaduuniifi looga afaan birratiin gaggeeffaman sakkatta'uun akka ka'umsaatti itti gargaaramuun qorannooon kun akka dhugoomu carraaqqii bal'aan taasifameera.

## 1.7. Qindeeffama Qorannichaa

Qorannoon kun loogawwan Afaan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii qaaccessuun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaa tokkoffaan:Ariirrata,ka'umsa,kaayyoo, barbaachisummaa,daangaa,hanqinaafi qindoomina qorannichaa ofkeessatti hammata.Boqonnaan lammaffaan immoo,sakatta'a barruu yoo ta'u:yaaxxiinaalee qorannoofi sakatta'a barruu walfakkii ofkeessatti qabata. Boqonnaa sadaffaa keessatti:maloota qorannoofi meeshaalee funaansa ragaaleetiif oolantu jira. Boqonnaa afraffaa keessa immoo:qaacceessaafi ibsa ragaalee funaannameef kenname kan qabuu yoo ta'u,Boqonnaa shanaffaa keessaatti:guduunfaa, argaannoofi yaaboo qorannoo ofkeessaatti hammachuun gaggeeffamee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti qorattuun,sakatta'a yaaxxinalee qorannichaafi sakatta'a barruulee walfakkii qabantuu ilaallame. sakatta'a yaaxinalee qorannichaa jalatti maalummaa Afaanii, Hariiroo afaaniifi hawaasaa,maalummaa loogaa,karaalee loogni afaan tokkoo itti uummamu, akkaataa garaagarummaan looga ittiin mul'atu,akaakuuwwan loogaa,looga Afaan Oromoo, tokkummaafi garaagarummaa afaaniifi loogaa ibsi itti kennamanii jiru. Sakatta'a barruu keessatti ammoo waraqaa qorannoowwaniifi barruulee qorannoo kana waliiti dhiyeenya qaban fudhatamanii kan itti dhiyaatan ta'a.

## 2.2. Maalummaa Afaanii

Maalummaa afaanii ilaalchisee yeroo garaagaraa hayyoota yookiin qorattoota garaagaraatiin hiikni adda addaa itti kennamaa ture,kennaas jiru. Afaan kan namoonni yaada waljijjiiruuf,itti walqunnamuuf,gochawwan hawaasummaa namoota gidduutti taasifamu dhugoomsuuf hawaasa keessatti meeshaa ta'ee tajaajila guddaa kennudha. Yaada kana ilaalchisee,Holmes (1992:319) yemmuu ibsu,"Language enables people to express idea, feeling attitude during socialentractions" jedha. Kunis,afaan haala dubbii keessatti kan yaada,fedhii,ilaalchaafi kana kana fakkaatan ibsachuun hawaasa keessatti waliigalteen akka jiraatu kan taasisu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Afaan meeshaa ilmaan namaa ittiin waliigalan keessaa isa guddaafi faayidaa hedduus kan qabudha.

Dhalli namaa uumaa kanneen biroo irraa adda isa taasisuu afaan isa tokko yoo ta'u,itti fayyadama sagalee dubbiitiin uumamanitti fayyadamuun yaada isaa kan ittiin ibsuu,jechuun hayyuun Davies(1999) ragaa baha. Kana jechuun ilmi namaa sagaleewwan dubbii qaama namaattin uummaman walitti qindeesse kan itti waliigalu yookiin yaada isaa itti ibsatu ta'u isaa hubannaa. Dabalataanis,afaansirna,aadaadha,afaan eenyummaadha,afaan akka namaatti,afaan akka wal-qunnamtiitti jechuun Addunyaan ( (2010:1-15) addeessera.

## 2.3.Tajaajila Afaanii

Afaan meeshaa ilmaan namaa ittiin waliigalan keessaa isa guddaafi faayidaa hedduus kan qabu. Fakkeenyaaf, ulaagaalee sabni tokko ittiin beekamu keessaa inni guddaan afaan isaati. Kana jechuun, sabni tokko, saba kana jennee saba birarraa adddaan baasuuf kan nu gargaaru yeroo baay'ee afaan inni dubbatu. Kanamalees, afaan aadaa saba isaa nibaata, darbees ni'ibsas. Faayidaa guddaan afaanii inni biraa namoonni guyyaa guyyaatti jiruufi jireenya isaanii gaggeessuufi fooyyeessuu akka danda'anii, barbaadan, tajaajila walqunnamtii kennudha. Namni tokko rakkina, gammachuu wkf akka fedhetti himachuuf kan gargaaru afaani. Akkasumas, fedhiifi jibba namoota biraa dhagahanii tarkaanfii barbaachisu fudhachuuf afaan tokkoo ol beekuun barbaachisaadha(Salamooniifi kaawwan 2005:4).

## 2.4.Hariiroo Afaaniifi Hawaasaa

Hawaasnifi afaan hariiroo guddaa qabu. Hiika afaanii keessatti yaadni bu'uura ta'e kan ilmi nama qofti ittiin waliigalu ta'uusaati. Namni yeroo afaan fayyadame waliigalu,afaan dhimma irratti haasa'u san qofa osoo hintaane waa'ee nama dubbatuullee odeeffannoo dabalataa nuuf kenna. Nama afaan tokko dubbaturraa osoo inni nutti hinhimne kutaa hawaasasaa,sadarkaasaa,bakka dhalootasaafi kan biroo beekuu dandeenya. Afaan garee hawaasummaa namni tokko keessa jiru qofa osoo hinta'in maalummaa garee hawaasaa saniillee nutti himuu danda'a.Afaan akka qabeenya yookiin mallattoo hawaasa tokkootti ilaaluun nidanda'ama. Kanaafuu,afaaniif hawaasni hariiroo cimaa kan qaban ta'uusaa yookiin adda bahu kan hindandeenyadha.

## 2.5. Yaadrimee Loogaa

Looogni garaagarummaa haala dubbii yookiin itti fayyadama jechoota hawaasa naannoo tokko gidduutti mul'atudha. Kunis, adda addummaa sagalee,jechafi hima haasarratti dubbattoota afaan tokkoo gidduutti mul'atu garuu,waliigaluu irratti rakkoo uumuu hindandeenyedha. Kanuma ilaalchisee,Jenet akkas jechuun ibsa,Looga jechuun garaagarummaa afaan tokko keessatti jechaan,seerlugaanfi dubbiidhaan hawaasa keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaafi naannootiin mula'atudha. (Jenet,2000)

Maalummaa loogaa ilaalchisee,Bryan&Tucker(1956).yoo ibsan,"A manner of speaking,language,speech,specially a manner of speech perculiar language or characteristic of

a particularperson class,pherseology,idiom." jechuun hiiku. Kanaafuu,loogni abbaan afaanichaa,haala ittiin dubbatu,ittiin waliigaluun,haala qindoomiina jechootaafi haala ittii haasa'uu amala adda ittiin bahee beekamuu akka ta'e irraa hubanna.

Toora Intarnetii WWW. Princeton . edu /..../chomsky_ Rev.pds irraa argame looga yoo ibsu, " The speech patterens that is convention, vocabulary ,Grammar ,pronounciation and usage of speech community are called Dialect." jechuun ibsa. Loogni abbaa afaanichaatiin waliigaltee akkaataa dubbatamuu,hiika jechootaa,akkaataa sagaleessuu,haala seerlugaafi itti fayyadama afaanichaa irratti taasifamu ta'uu isaa nuhubachiisa. Akkasumas,The Oxford English Dictionary (1989)jedhu waa'ee loogaa akka kanatti hiika itti kennee jira.

> *Dialect is one of the subordinate form or varieties of a languagearisingfrom local peculiarities of vocbulary, pronunciation, and idiom. (Inrelation to modern languages usually spec. A variety ofspeech differingfrom the standard or literary language;a provincial method of speech, asin speakers dialect). Also in a wider sense applied toparticular languagein its relation to the family of languages to which it belongs.*

Yaada hiika loogaaf kenname kanarraa kan hubatamu,loogni gartuu afaan tokkoo ta'ee,Afaan idilee irraa adda addummaa hiika jechootaa,sagaleessuufi akkaataa ittiin walii galaniin kan qabu,haalli ittiin dubbatamu afaan waaltawaatiin garaagara kan ta'efi haala itti fayyadamtoota afaanichaatiin kan beekamuudha.

Adeemsa kana keessatti baay'ina itti fayyadamtootaa irraa kan ka'e,garaagarummaan afaanichatti fayyadamuu keessa nimul'atu. Garaagarummaan waligaltee ilmi namaagodhu keessa mul'atu kun gama loogaatti kan nama akeeku ta'a. Afaan Oromootillee amala kana kan qooddatu yoo ta'u,baay'ina itti fayyadamtoota afaanichi qabufi bal'ina lafaa ummanni Oromoo irra faca'ee jiraatuu irraa kan ka'e loogaawwan bal'aa ta'an akka qabu nuhubachiisa. Oromoon Oromiyaa keessa qarqara naannoo Somaalee Harargee bahaa hanga lixa Wallaggaa, Walloo hanga kibba Oromiyaa qarqara Keeniyaatti bal'inaafi addaan fagaatee jirata. Addaan fageenya kanaan kan ka'e afaanuma Oromoo keessatti garaagarummaan kun loogaawwan hedduu akka qabaatu ta'ee jira.

Akkuma Afaaniif hayyootaafi qorattoota afaanii adda-addaatiin hiikini garaagaraa itti kennamaa ture, Loogaafis hiikni garaagaraa itti kennamee jira. Hiika loogaaf kennamman keessaa hayyoonni J.K Chamber and Peter (1998:3) jedhaman yoo ibsan:

*A dialect is a substandard, low-status, often rustic form of language. Generally associated with the peasantry, the working class, or other groups lacking in prestige. Dialect is also a term which is often applied to forms of language. Particularly those spoken in more isolated parts of the world, which have no written form. And dialects are also often form a norm as a perorations of a correct or standard of language. jechu.*

Yadaa hayyootaa kana irraa kan hubannu, loogni gareewwan baadiyyaa kan ta'an, warra qonnaanbulaa ta'aniin kan dubbatamuufi afaan waaltaawaa hintane akaakuu afaaniti. Akkasumas, gareewwaan gadi aanaa ta'aniin kan dubbatamu, kabaja muraasaa qofa kanqabuufi ijaarsa afaanitiif illee kan gumaacha qabuudha. Loogni dubbattoota mataa isaa qofaan kan dubbatamu, afaan gareen biroo dubbachuuf kan dogoggorsiisuufi adda kan itti ta'uu bu'uura afaan waaltawaati, jechuun hiika ittikennu.

Walumaagalatti,looga jechuun afaan tokko keessatti akkaataa itti fayyadamtoota afaanichaatiin /abbaa afaanichaatiin / sagaleessuu irratti,hiika jechootaa irratti,akkaataa dubbatamuu irratti dubbattoota afaan tokkoo gidduutti mula'atu,walii galuu irratti rakkoo uumuu hindandeenye,warri garee tokkoo garuu,ittiin waliigaluu kan dandeesisuu garee afaan tokkooti. Kun afaan kam keessattuu waan mul'atuudha. Fuulduratti qorannoofi qo'annoon adda addaa yeroo geggeeffamu waaltinni afaanichaa daran olka'aa ta'a.

### 2.5.1. Sababoota Uumama loogaa

Afaan tajaajila daangaa hinqabne kennu kun sababa garaagaraa irraan kan ka'e loogawwan adda addaa qabaachuu danda'a. Dubbattoonni afaan tokkoo,teessuma lafaatiniis ta'ee caasaa hawaasaatiin waliirraa fagaachuu danda'u. Kanneen teessumma lafaatiin fageenya qaban gidduu akkaataa fayyadama afaanirratti garaagarummaa qabaachuu danda'a. kan biroo immoo, caasaalee hawaasaa bu'uureffachuun umrii,korniyaa,qabeenya,taayitaa,sadarkaa barnootaafi k.k.f. gidduu garaagarummaa fayyadama afaanii agarsiisuu danda'a.Akkaataa uumamsaafi dhuftee loogawwanii ilaalchisee, BAIO (1995:3) akka itti aanu ibsanii jiru.

*Bakki jireenyaa, haalli jireenya hawaasummaafi aadaan sabootaa akkuma addaa addummaa qabu afaan isaati adda adda ta'e. Namoonni naannoo tokko jiraatan yem-muu wal-horanii baay'achaa deemanitti naannoon isaanii itti dhiphata. Haalli kun bakka hireenya isaanii yeroodhaa yerootti gadlakkisanii akka godaanan isaan taasisa.Kunis wal-qunnamtii hojii jireenya hawaasummaafi afaan isaanii jidduutti adda adda.*

Yaanni kun kan nu hubachiisu, sababni ijoon afaan saba tokkootti garaagarummaan afaanii uummammuu danda'u keessaa walhoruun uummataa dabalaa deeme dhiphina lafaatiin kan ka'e uummanni sun iddoo birootti akka godaanan isaan taasisaa. Godaansi isaanii kun immoo addaan fagaatanii jireenya hawaasummaa isaanii akka gaggeeffatan isaan taasisa. Adeemsi kun walqunnamtii afaan isaanii gidduutti garaagarummaan akka uummaman dirqisiisa. Addaan fagaatanii jiraachuufi wal-qunnamtii afaanii gidduu saba tokko irratti dhiibbaa jiru.Qorannoo waaltina afaan Oromoo wiirtuu (1995:5) akka itti aanu kanaan ibsanii jiru.

> *Uummanni tokko fageenya heddu walirraa fagaatee, lixaa, baha, kaabaafi kibba yoo qubate dhabiinsa yookaan hir'ina wal-qunnamtii irraa kan ka'e garaagarummaan adda addaa ni uummama. Wal- qunnamtii gochuuf dhoorkuudhaan gidduu isaasitti golga itti ta'an.Dhabiinsa wal-qunnamtii adda addaa, fakkeenyyaaf geejjiba, meeshaa wal-qunnamtiifi waan kana fakkaataniidha. Qilleensiifi haalli qabee-nyaa uumamaa naannoo adda addaa isaanii walirraa fagaatanii qubatanis hojiifi jireenya walqunnamtii hawaasummaa isaanii gidduutti addaa addammaa uuma.Haaluma kanaan garaagarummaan afaan tokkoollee heddummaataa deema, jedha.*

Egaa, uumamni loogaa afaan tokko keessatti akkaataan waliin jireenya hawaasummaa sababa addaan fageenyaatiin, walitti dhiyeenya kaluu qabaachuu dhabuun, bu'aa bahii teessuma lafaatiin, lagaafi galaanaan daangeffamuun, haalli qilleensaa, bosonniifi raasaan, hanqinni geejjibaafi kan kana fakkaataan wal-qunnamtii dhiyoo akka hinqabaanne hawaasa san nidaangessa. Yeroo dheeraaf addaan bahanii turuun immoo haala naannoo jiraatanitti afaan addaa addummaa qabutti akka fayyadaman waan godhuuf uumama loogaatiif sababa akka ta'e irraa hubanna. Uummama loogawwan afaan Oromoo gidduutti jiranis sababni ijoon isuma asii olitti ibsameen kan adda ta'ee miti.

Akka hayyuun Jean et al (1963:6) akkaataa uummama loogaa yoo ibsu, "The forces which couse such dialectal differences are strong and iteresting.these forces apparent in all parts of the world. ... are Early settlement history, populetion migration, physical geography, caltural centers, social structure of the area , and late immigrations." jechuun ibsa.

Yaada kana irraa kan hubannuu,uummama loogawwanitiif sababa kan ta'an godaansa uummataa,haala qubannaaa uummataa,haala teessuma lafaa,haala aadaa uummatichaa,haala caaseffama hawaasichaafi haaala turtii hawaasa iddoo akka ta'eefi afaan kamiiyyuu keessaafi addunyaa irratti kan jiru ta'uu isaa irraa hubanna.

## 2.5.2. Akaakuuwwan Loogaa

### 2.5.2.1. Looga Naannoo

Loogni naannoo garaagarummaa haasa'a dubbattoota afaan tokkoo,sababa teessuma lafaatiin namoota iddoo adda addaa jiraatan jidduu garaagarummaa fayyadama afaanii sagalee,jechaafi hima irratti uumamu looga naannoo jedhama. kanuma ilaalchisee,Qorannoo waaltina afaan oromoo wiirtuu(1995:3) akka itti aanu kanaan ibse jira. Uummanni tokko fageenya hedduu walirraa fagaatee,lixa,baha,kaabaafi kibba yoo qubate wal dhabiinsa yookiin hir'ina wal-qunnamtii irraa kan ka'e garaagarummaan haasa'a adda addaa niuummama. Hawaasniteessuma lafattiin wal-qunnamtii gochuuf dhoorkuudhaan gidduu isaaniiti golga itti ta'an. Walqunnamtii adda addaa dhabiinsaan fakkeenyaaf geejjiba,meeshaa walqunnamtii biroofi k.k.f dha.Qilleensiifi haalli qabeenya uummamaa naannoo adda addaa isaanii waliirraa fagaatanii qubatanis hojiifi jireenya walqunnamtii hawaasummaa isaanii gidduuttii adda addummaa uuma. Haaluma kanaan,garaagarummaan afaan tokkoo heddummaataa deema,jedhee ibsa.

Yaanni kun kan nu hubachisuu,sababni ijoon looga afaan tokko keessatti garaagarummaan itti fayyadama afaanii akka uummamuu taasisan keessaa addaan fagaatanii jiraachuu,walitti dhiyeenya kaluu qabaaachuu dhabuun,haala teessuma lafaattiin,lagaafi galaanaan dangeeffamuun hanqinna geejjibaa irraa kan ka'e, yeroo baay'ee walqunnamtii dhihoo akka hinqabaanne hawaasa san nidaangessa. Kanamalees, yeroo dheeraaf addaan fagaatani turuu,haala jireenya isaanii fooyyessuuf naannoo tokkoo irraa gara naannoo birootti godaanu. Kun immoo, walqunnamtii afaanii isaanii gidduutti garaagarummaan haasa'a afaan tokko keessatti akka uummamu dirqisiisa. Kanaafuu,loogni naannoo garaagarummaa walirraa fageenya hawaasa tokkootiin uumamudha.

### 2.5.2.2. Looga Hawaasummaa

Loogni hawaasummaa garaagarummaa haasa'a namoota naannoo tokko jiraatan gidduutti sababoota addaa addaatiin kan uumamuudha. Uummata naannoo tokko jiraatu wantoota loogni hawaasaa akka uumamuu taasisan: kutaa hawaasaa,saala,umrii,amantii,barnoota,siyaasaa, koorniyaa,haala jireenya hawaasaa,aadaa,duudhafi k.k.f. kan uumamuu danda'udha (Salamoon Gadaafi kaawwan 2005).

Hawaasni iddoo tokko jiraatus,bakkuma jirutti kallattii maraan wal hinfakkaatu. Hawaasni bakka tokko jiru qabeenyaan,barnootaan,amantiin,saalan,umriin,aangoonfi siyaasaan akka wal fakkaachuu hindandeenye ifadha. Kun immoo,afaan keessatti garaagarummaan haasawaa akka uumamu taasisa. Loogni haala kanaan uumamu looga hawaasummaa jedhama.Fakkeenyaaf, Hojjetaan hojiin isaa misooma qonnaarra hojjetuufi ogummaa dhimma fayyaan walqabatee baratanii itti fayyadaman tokko miti.Kanaafuu,loogni hawaasaa garaagarummaa karaa adda addaa kan hawaasa bakka tokko keessa jiraatu gidduutti mul'atu kanneen akka sadarkaa barnootaa, umriin, saalaan, garaagarummaa ogummaa hojiin argamu gidduutti kan uumamuudha.

## 2.6. Akkaataa Garaagarummaan Looga Ittiin Mul'atu

Akkaataa garaagarummaan looga ittiin mul'atufi haala uumamsa garaagarummaa loogawwaan afaan Oromoo ilaalchisee,Hayyuun Brown, (2009) yoo ibsa itti kennu, "Oromo is a tone-accent language, but details do differ some what from one spoken dialect to another." jechun kaa'ee jira.

Loogni garee afaanii akka ta'eefi namoota itti fayyadaman qofaan ittiin waliigalan, garuu namoonni biroo ittiin waliigaluuf kan dhibuufi afaan waaltawaa kan hintaane ta'uu isaaa hayyootaan tuqamee jira. Loogawwan hundi amala walfakkatu qofa kan qabanii miti. Afaan kamiiyyuu keessattis taanaan loogawwan jiran amaloota garaara ittiin ta'an kan qaban ta'u. Garaagarummaan loogawwan keessatti bu'uura ta'an akka itti aanun ibsamee jira.Hayyoonni /Dialectology/ adda addaa loogawwan afaan tokko keessa jiran bu'uuraaleen isaan garaagara isaan taasisu akka jiran adda baasanii jiru. Amaanu'elifi Saamu'el, (2012) williams (2005) wabeeffachuun akka itti aanutti ibsan.

> *Language varies over time, across national and geographical boundaries, by gender, across age groups and by socio economic status. When variation occurs within a given language, we call the different versions of the same language dialects." Defining a dialect in linguistics, however, is not as simple as this because it is a rather slippery term that covers so much territory. Yet, for ease of discussion, we can construe a 'dialect' as a more or less identifiable regional or social variety of the language disting uishable in terms of vocabulary, syntax and sometimes pronunciation. jedha.*

Yaada kana irraa kan hubatamuu danda'u,yeroo baay'ee garaagarumman afaani biyyaan,daangaa lafaatiin,saalaan,garee umriitiifi akkaataa qabeenya hawaasaatiin ummamuu akka danda'udha. Akkasumas,hiika loogaa itti kennuuf salphaa kan ta'u garaagarummaan afaan jidduu jiru,

garaagarummaa afaan hawaasaafi naannolee murteessaa yoo ta'u afaan hawaasa naannolee gargar ta'uun isaa ammoo afaanichi hiikaan,sagaleessuufi caasluga adda adda akka ta'an isaan taasisee jira.

Hawaasa dubbataa afaan tokkoo keessatti sababa addaan fagaatee jiraachuun kan ka'e, garaagarummaan afaanii kan uummamuudha. Iddoo tokko tokkotti akkaataan itti fayyadamni afaanichaa moggaasa garaagaraa qabachuu mala. Dubbattoota afaanii iddoo adda addaa gidduutti wal-qunnamtiin isaan qaban akka addaan citu gufuu itti ta'an keessaa gufuu uumamaa,laggen humnaa olii guutuu,gaarren,bosona,kirkira lafaa,lolaafi kan kana fakkaataniin gargar bahanii iddoo jijjiirrachuun yoo jiraatanfi addaan turan haalli itti hasa'an afaanii idilee irraa garaagarumma qabaachuu danda'a. Kanaafuu,loogni teessuma lafaatiin ni uumama jechuudha.

Walumaagalatti,loogni hawaasaa yookiin hawaasummaa hawaasa daangaa tokko keessa jiraatan keessatti sababiwwan koorniyaa,akaakuu hojii,sadarkaa barnootaa,umrii,haala qilleensa,aadaafi duudhaan garaagarummaa sadarkaa sagalee,latii,caaslugaafi hiika jechootaa kan mataa isaanii ta'e qofatti fayyadaman ta'ee afaan idileen alaati. Loogni fageenya lafaan /geographical location/ uumaman immoo,Hawaasa yookaan saba dubbattoota afaan tokkoo kan ta'an garuu, daangaan addaan fagaatanii kan jiraatan looga mataa isaanii ta'e kan qabaniifi itti fayyadaman ta'ee,afaan idileetiin ala kan ta'eedha.

Karaa biraatiin,garagarummaa loogawwan afaan Oromootis amala kana kan qaban yoo ta'an barruulee qormaata waaltina afaan Oromoo jiildii 3, (1990) keessatti garaagarummaa loogawwan irratti mul'achuu danda'an akka itti aanu kanaan ibsa. "... garaagarummaan looga afaan tokkoo kennaa uumamaati (a natural phenomenon) yookaan adeemsa osoo itti hinyaaddamin uumamuudha. Garaagarummaan loogawwan gidduutti mul'atu kunis sadarkaa adda addaatti ta'uu danda'a.Afaan Oromoos uumamuma akkanaa kana qaba",jechun itti fufee,loogawwan garaagarummaa isaan qaban akka itti aanu kanaan nitarreessa. Garaagarummaan looga adda addaa gidduutti argamu sadarkaa kanatti isa sadarkaa kamiittuu caalaa bal'ata. Kun kan ta'uuf loogawwan adda addaa afaan biroo irraa karaa adda addaa jechoota liqeeffachuu waan danda'aniif. Gama Afaan Oromootiin yoo garaagarummaa looga afaan Oromoo ibsu laallu,karaa jechootaatti garaagarummaa argina. Yeroo heddu waan tokkichaaf loogawwan adda addaa yoo gargaaraman argamu. Karaa biraa immoo, jechi looga tokko keessatti hiika tokko qabu looga biroo keessatti hiika biraa yeroo tokko tokko immoo, kan gurratti nama ulfaatu ta'e argama.

Yaada jedhu itti kennanii jiru. Yaada kana cimsuun, Hayyootni Banti (2008) fi Crystal (1997) yoo ibsan,

> *... the various varieties of Afan Oromo, we can observe variations in terms of vocabulary, grammar and pronunciation. Regarding this, points out that variation in language is significantly observable at three structural levels: phonological, morphological and semantic or lexical levels.jechuun ibsanii jiru.*

Akkuma afaan biroo afaan Oromootis,loogawwan keessa garaagarummaan sagalee,hiika jechootafi caaslugaa akka jiru ibsa. Jean et al, (1963) addaa addummaa logawwan gidduu jiru yoo addeessu," Linguistic geography reveals that dialct differences are of three kindes; differences in pronunciation, differences in vocabulary, and differences in grammar",jedhuun kaa'u. Kanaaf addaa addummaan loogawwan gidduu jiran keessaa ijoon addaa addummaa sagaleessuu,hiika jechootaafi caaslugaa akka ta'an dabalataan nuhubachiisa.

Kanaafuu,kaayyoon qorannoo kanaa garaagarummaa loogawwan afaan Oromoo kan Jiillee Tuulamaafi Wayyuu Arsii gidduu jiru adda baasuun hubannoo yookiin beekumsa dabalataa kaa'uudha.

**2.6.1. Sadarkaa Sagalee**

Waa'ee,Sagaleessuu ilaalchisee Lyons,(1979:77)jedhamu,yoo ibsu ammoo " ... one person's pronunciation of a sound may be phonologically different from others of the same sounds. ... it is extermilly different for speaker to producean utterance nad then give absolutely idiancial representation of it." jedha.Wanti yaada kana irraa hubatamu, akkaataan sagaleessuu namootaa afaan tokko keessatti garaagarummaan kan jiruufi mul'achuun isaa kan hinhafne ta'uudha.Dabalataan haala sagaleessuun garaagarummaan ittiin uumamu hayoonni Collinge,N.E.and Neville Edgar,(1921)yoo bu'uura kaa'an:

> *Different categories of consonant are established on the basis of (i) the actual relationship between the articulators and thus the way in which the air passes through certain parts of the tract, the manner of articulation,(ii) where in thevocal tract there is approximation, narrowing or obstruction, the place (or point) of articu lation, (iii) the activity of the vocal folds, the state of the glottis (or, more specifically,the phonation type), and (iv) the type of mechanism used to move the column of air, the air-stream mechanism*.

Yaada hayyoota kanaa irraa kan hubannu,sagaleessuun haala qilleensi itti bahuu,bakka uumamsafi haala uumamsa sagalootaatiin garaagarummaan sagaleessuu uumamuu danda'a.

Haalli kun ammoo loogawwan jidduuttis garaagarummaa sagaleessuu akka qabaatan isaan taasisa. Iddoofi haala uumamsa dubbifamaafi dubbachiistuu qubeewwan afaan Oromoo sagaleessuu keesssatti addaa addummaa akka qabaatan sababni kun bu'uura ta'uus nuhubachiisa.

Gama birootin, "The manner in which a stop sound is completed varies according to its context and, to to a lesser extent, according to the style of speaking" ( Abercrombie, D. 1967). jedhee ibsa. Yaadni kunis, sagaleewwan akkaataa namoonni ittiin dubbataniifi ittii uumamuun garaagarummaan uummamuu akka danda'u habatama.Uumamsa dubbachiistuutiifi garagarummaa sagaleessuutiif sababni guddaan haala sochii arrabaa yoo ta'u, iddoowwan uumamsaa gurguddoo shan kan ta'uu isaa nuhubachiisa. Haa ta'u malee,walitti siiquu,wal irraa siiquufi walitti maxxanuun amartiin dibbee sagaleedibbachiistuuwwan jidduutti garaagarummaa sagaleessuu akka fidu xiinxalameera.

Qorannoo afaanii keessatti walitti dhufeenyi latiifi dhamsaga irraa kan ka'e daangaa jechootaa keessatti jijjiirraa fidu. Adeemsa kanneen keessatti firoommiin adeemsa ittiin dhamsagoonni walii galuun ollaa walii jiraataniidha. Sagaloonni daangaa dhamsagichaa yookaan dhamsaga irratti walitti dhufan waliigalan malee wal-bira hinjiraatan. Walii galteen kunis seera ittiin bulmaata isaanii bu'uura godhatu.Amalli isaanii yoo tokko ta'e yookiin walitti dhiyaate firooman jedhamu. (Addunyaa,2012:75-76).

### 2.6.2. Garaagarummaa Sadarkaa Jechaatti Mul'atan

Maalummaa jechaa ilaalchisee, Hayyoonni jecha karaa adda addaatiin hiika itti kennanii jiru. Kanneen keessaa Mokonnin (2002) Crytal, (1997), Jurafskyfi Martin, (2000) wabeeffachun yoo ibsu, "Jechi qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaa (white space) daangeffameedha." jechuun ibsu. Hayyoonnii kanneen afaan barreeffamaa bu'uura godhachuun of danda'ee dhaabbachuu kan danda'u unkaa xinqooqaa irratti hundaa'an. Yaada kana irraa kan hubannu, Namni tokko hawaasa keesaatti dhalatee guddatetti afaan isaa daa'imummaan waan eegaluuf jechi tokko eessaa eegalee eessatti akka dhaabbatu rakkoolee akka tisheessuu jiraatanillee, salphaatti hubachuu danda'a. Kanaafuu,bakki duwwaan eessa akka ta'e ni beeka jechuudha.

Gama birootiin, Afaan dubbii keessatti bakka haara galfaannaa bu'uura godhachuun hiku.(Crytal, 1997).Gama muuxannoo hawaasaatiin ammoo, Hayyuun O'Grady (1996), yoo ibsu, Jechoonni hiika aadaa, hiika bakka bu'amaafi waan kana fakkaatan qabaachuu malu jechuun hiikee jira.

Akkasumas,dhimmoonni hawaasummaafi xiinsammuus hiika irrattii dhiibbaa guddaa akka irraan gadhu.Yaaxxinni, xiinhiikaafi qaamoleen xiinhiikatti dhimma itti bahuutuu hiika itti keenna. Akkasumas walitti dhufeenyi jechi tokko kan biroo walin qabu nutti agarsiisa.

Garaagarummaa sadarkaa jechootaatti mul'atan ilaalchisee Takele (2000:247) akka ibsetti, "Lexical variation refers to the representation of single concept by more than one lexecal concept across different dialects." jechuun hiika itti kennee jira. Yaanni kun kan nu hubachiisu,hiikni jechaa akkaataa hubannoo namootaafi garaagarummaa loogawwan jidduu jiruun kan itti kennamu yoo ta'an hiikni kunis loogawwan gidduutti garaagarummaa kan fidu ta'uu hubachuu dandeenya. Garaagarummaan jechootaa loogawwan jidduutti karaa adda addaatiin niuumama.

Hayyuun George (2006:243) hiika isaa yoo kaa'u, "synonymyous are two or more words with different forms and with the same meanings." jedha. Jechoonni afaan Oromoo keessatti amala kana kan qaban yookaan jechoota hiikaan tokko ta'anii garuu,unkaanfi sagaleen gargar ta'an loogawwan jidduutti garaagarummaan akkanaa kan jiru ta'uu isaa ni hubanna. Dabalataan,hayyuun Lyons (1963) hiika jechoota kanaa yoo ibsu. "... Superficially, the notion of synonymy is a straight forward one: two words are synonyms if they have the same meanings." jechuun ibsa. Kanaafuu,jechoonni yoo unkaan garaagara ta'aniillee hiikaan tajaajila dhimmaa tokkoof kan oolan akka ta'an hubanna. Ensychlopedia , (2009) yoo ibsu, "Words having the same speling or pronunciation but a different meaning."jechuun ibsa. Kunis jechoota unkaafi sagaleessuun tokko ta'anii hiikni isaanii garuu,gargar ta'an loogawwan gidduutti garaagarummaa uumuu danda'aniidha.

## 2.6.3. Garaagarumma Sadarkaa Himaatti Mul'atan

Sadarkaa kanatti loogawwan lamaan jidduutti garaagarummaa isaan sadarkaa himaatti qaban kan gama caasaafi tajaajila himaatti jiru qofa irratti kan xiiyyeeffatu ta'u,hiika himaa hubachuun barbaachisaa ta'a. Hayyoota garaagaraatiin hiikni adda addaa itti kennaa turanii jiru. kanneen keessaa,Addunyaa,(2012:148-9).(Aitchion 1999:16). wabeeffachuun yoo ibsu:

> *Every item in the language then has its own place in the total pattern. It can combi with certain specified items and be replaced by others. It can therefore, be regareded asan intricate net work of interlinked elements in which every item is held in its place and give it's identity by all the other items. No item, apart from the name of an object an independent validity or existance out side that pattern. Every The element of languagecan be linked to the players in a game of soccor. The striker or goal keeper has on use or value out side the game. But placed among the other players a striker acquires an iden-tityand value.*

Jechuun hiika itti kennanii jiru.Yaada kana irraa kan hubannu,ijaarsa himaa keessatti jechoonni bakkaafi wal hidhiinsa qabaniin ilaaalamuufi wal malee bu'aa buusuu akka hindandeenye nu hubachiisa. Akkuma namni tokko hawaasattii hawwasnis nama tokkotti hidhachuun kaayyoo isaanii galmaan gahatan,jechoonni walii isaanif himaatti; himnis jechootaan ergaa guutuu tokko dabarssa. Kanaafuu,jechoonni dhuunfaafi gareen ta'anii tartiiba qabatamaa,bakka kan qabaniifi hiika dhuunfaafi garee qabaachuun amala walii galaa qabaachuun hima kan ijaaran ta'uu isaati. kanaaf bu'uurri himaa jechoota ta'u.

Walumaagalatti,loogawwan garaagaraa keessatti akkaataa kanaan addaa adduummaan jidduu isaanitti ittiin uumaman ilaalchisee,sadarkaa dhamsagaatii hanga sadarkaa himaatti gama tajaajilaatiin jiran dhiibbaa kan qaban ta'uu isaanii hayyoota xinqooqaafi ogeeyyi afaanii garaagaratiin kaa'amee jira.

## 2.7. Looga Afaan Oromoo

Loogotni Afaan Oromoo keessa jiran ifatti qoratamanii sadarkaaleen loogni itti mul'atu haala dubbii,jechootaafi seerlugarratti hundaa'ee qorannoowwan gaggeeffaman ibsamani argachuun rakkisaadha. Haa ta'u malee,hayyoonni muraasni loogota Afaan Oromoo addaan qooduufi daangeessuu yaalaniiru. Akka hayyoonni Tucker and Baryan (1956) looga Afaan Oromoo keessa jiru bakka shanitti qoodu. Isaanis,Macca,Tuulamaa,Ittuufi Arsii,Booranaa,Waardii jechuun qoqqoodu. Kanamalees,hayyuun Taammanaa Bitimaa (1999) qorannoo looga Oromoo Walloo (Jiillee, Daawwee fi Baatii ) jechuun iddoo sadiitti qoodee qo'ateera.

Yeroo duraatiif,Benderfi Mulugeta (1976: 1-2), qooqqoodinsa looga afaan Oromo yoo ibsan,"... which classifies Afan Oromo into eight dialects. These are Macha,Tulama,Welo,Raya,Arsi,Guji,Boranaand Harerge.*"*tti ramadanii jiru. Kutaaleen qoqqooddii Loogawwan Afaan Oromoo kanneenii yeroo duraatiif haala teessuma lafaattiin (Geographical location) bu'uura godhatee akka ramadame hubachuunnidanda'ama.

Hayyuun Gragg (1976:13). yoo ibsu, "Afan Oromo dialects classified into Four main groups. Namely, (1).Wastern dialect including Wallagga, (2).Eastern dialects especialy Harar, (3).Sousern dialect Boorana, (4).Centaral dialect Shawa." adda baasuun qoodee jira.Yaada kanaa irraa kan hubatamu,walitti dhiyeenya qaban irratti bu'uura godhatee haala teesuma lafaatiin kan gqoqqoodame yoo ta'u loogawwan kanneen addaan fageenya lafaatiin kan qoqqoodame ta'uu isaa hubatama. Akkasumas, Heine (1981: 15) Loogawwan Afaan Oromoo yoo qoqqoodu:

> *recognizes two major dialect areas, 'Central Afan Oromo' and 'Tana Afan Oromo'. A still other work, though not detailed is that of Lioret (1994: 6) which divides the various dialects of the language into Western and Eastern Afan Oromo groups with the former encompassing Raayyaa, Baate, Macca and Tuulama, and the latter inclu- ding Harar, Arsii, Boorana, Gabra, Orma and Waata. jechuun qoodee jira*.

Loogawwan Afaana Oromoo Biyya ollaa kan taate Keeniyaa keessatti loogawwan adda addaatti kan qooddamu ta'uufi sasabii maalitiin akka qoqqooddaman hubachhu kan nama rakkissu ta'uu irraa hubatama.Dabalataan, Lioret (1994: 6) looga afaan Oromo yoo qoodu: "the various dialects of the language into Western and Eastern Afan Oromo groups with the former encompassing Raayyaa, Baate, Macca and Tuulama, and the latter including Harar, Arsii, Boorana, Gabra, Orma and Waata." yoo ta'u . Gama birootin Kabbadaa (1998:483).hala qoodinsa loogawwan afaan Oromoo yoo kaa'u, "Afan Oromo dialects based on phonological varietion classified into three major group which indicat linguistic variables an Oromo home. Namely, 1.Macha,Tulama including Borana, 2. Arsi, Guji, Borana of Sidamo, 3. Harar, Wallo, and Rayya" jechuun ibsee jira. Gama birootiin galmee jechoota afaan Oromoo (1999:iv) Kebede (1990) wabeeffachuun akka asii gadii kanaan qoodee jira. Afaan Oromoo bakka gurguddoo afuritti hirama. Isaanis:

> *1.Loqoda walakkeessaa Oromiyaa (centeral dialect) kunis loqoda afaan Oromoo naannoo Ziwaay, Gujii, Boorana keessatti dubbatamu of keessatti hammata. 2. Lo- qoda kaaba lixa Oromiyaa (North western dialect)inni kun immoo Loqoda Shawaa, Jimmaa, Iluu abbaa baaraafi Wallagga keessatti dubbatamu walitti qabata. 3. Loqo- da kaaba baha Oromiyaa(North eastern dialect) kun immoo loqoda afaan Oromoo Arsii, Baalee, Harargeefi baha walloo keessatti dubbatamu qabata. 4. Loqoda kibbaa (Southern dialect) inni kun immoo Afaan Oromoo Keeniyaa gara moggaa gaditti dub-batamu, isa Waataa jedhamuun beekamu. Afaan Oromoo Somaalee keessatti dubbatamu loqodaalee kanneen olitti himaman keessaa kamiin akka walitti dhiyaatu wanti beekamu hinjiru.jechuun ibsa.*

Haalli qoqqooddii loogawwan kanaa kallattiiwwan teessuma yookaan qubannaa uummataatiin haa qoqqoodamu malee, haala looga hawaasummaatiin yookaan walitti dhiyeenya qabaniin / Social dialect/ kan qoqqoodame akka ta'e kan nama akeeku fakkaata.Walumaagalatti,haalli qoqqoodsi loogawwan afaan Oromoo ragaawwan argaman irraa wanti hubannu,baay'inaan haala qubannaa uummata saba afaanichaa irratti hundaa'uun kan qoqqoodaman yoo ta'an,haalli qoqoodinsaa immoo garaagarummaa kan qabu yoo ta'u qabatamaan kanatti qoodame jechuuf waldhahaa namatti ta'a.

## 2.8. Tokkummaafi Garaagarummaa Afaaniifi Loogaa

Afaaniifi loogni seera xinqooqa hujootiin/linguistics/ yoo madaallamu walitti dhufeenya bal'aa akka qaban hubatama. Haala Walitti dhufeenya gidduu isaanii jiru ilaalchisee Toora Intarneetii /Faculty.georgetown.edu./irvinem/theo.../fi URL.www.indiana.edu./~.h/ w/introduction/dialect.htm/ Edition yoo ibsan, " Language is basicaly a collection of dialects where speakers of different dialects within the same language can all understand each other, more or less." jechuun ibsa. Gama birootiin, " Both have any objective use. The best any one do is to say that there is no much things as a language.Communucation and meanings are formed by mediation." jechuun kaa'u. Walitti dhufeenya afaaniifi loogaa yoo ilaallu loogni afaaniif bu'uura akka ta'e,lamaanuu kaayyoo itti fayyadamaniif kan qaban akka ta'an, gama walqunnamtiifi hiikni isaanii waliigaltee hawaasichaatiin kan gaggeeffamu ta'uu irraa hubanna.

Afaaniifi loogni tokkummaa akka qaban garaagarummaas niqabu.Garaagarummaa isaanii ilaalchisee, Toora interneettii htt.//answers.yahoo.com/que. garaagarummaa isaanii yoo ibsu, Dialect is a variety of language that is a characterictic of a particular group of the language's speakers. The termis applied most offen to regional speech patterns. But dialect may also defined by others such as social class. But Language is general way to express oneself. Dialect is a variety of language that is developed by differmt speakers of language. jechuun ibsee jira.

Waliigalatti, haalli qoqqoodsi loogawwan afaan Oromoo ragaawwan argaman irraa wanti hubannu, baay'inaan haala qubannaa uummata saba afaanichaa irratti hundaa'uun kan qoqqoodaman yoo ta'an, haalli qoqoodinsaa immoo garaagarummaa kan qabu yoo ta'u qabatamaan kanatti qoodame jechuuf waldhahaa namatti ta'a. Kunis qorattoonni tokko tokko saboota Oromoo osoo keessa hingalchin kan qoqqoodan ta'uu, fakkeenya, qorattoonni tokko

tokko loogawwan addaan fageenya qaban walitti fiduun kan qoqqoodamedha. Garaagarummaan gidduu isaaniitti argamu gama caaslugaatiin, gamata taajilaatiin,haala itti fayyadamtootafi uumama isaanitiin garaagarummaan kan jiru ta'u irraa hubanna.

## 2.9. Ilaalcha Hayyoonni LoogaafQaban

Namoota afaan tokko dubbatan giddutti loogni adda addaa jirachuun isaa beekamaa. Sababa haasaa garagaraa qabaachuu isaaniitiin kan ka'ee,hawaasni ilaalcha adda addaa waliif qabu. Kanaan walqabatee,Chambers and Trudgill (1980) garaagarummaa ilaalcha namootin looga irratti qaban akkasitti ibsaniiru,'dialects are commonly viewed as:substandard,low status,often rustic forms of language,generally associated with the peasantry,the working class,or other groups lacking in prestigde'. Haaluma hima armaan olii keessatti ibsameetti,loogni sadarkaa gadaanaa kan afaanii,akkaataa haasawaa looga uummata baadiyaa,kan dafqaan bulaa,kan namoota kabajamoo hintaanee jedhu. Kanaafuu,loognikan ittiin ibasamu qotee bultoota, kanneen hojii humnaa irratti hirmaataniifi garee/ namoota kabaja gadaanaa hawaasa keessatti qaban ta'uu isaati.

Yaaduma kana deeggaruudhaan,ilaalcha hawaasni looga adda addaa qaban akkamitti akka isa kaan ibsan hayyoonni akka Stephany and Audrey (2015) akkasitti ibsaniiru 'Stereotypes often depict Southerners as uneducated,unintelligent,backward,lazy,closed-minded, and simple. The dialects of the South are similarly stigmatized. Although on one hand they represent an aspect of the culture of the South which is viewed as pleasant or polite, they are also viewed as being "incorrect" or "bad English." jechuun ibsu.

Akka ilaalcha kanatti,gadaantummaan warra kaabaa(Southerners Appalachians) kan ittiin ibsamu,isaan akka nama hinbaratinii,doofaa,boodatti haafoo,dadhaboofi sammuu dhiphaa akka ta'anidha.Kanaan walqabatee,loogni isaaniis (Southerners Appalachians) haaluma walfakkaatuun ilaalamu. Gama tokkoon,hawaasni kaabaa (Appalachians) kan aadaa kaabaa biyyattii kana irraa calaqqisuufi gama kanaan kan nama hawwatan ykn amala gaarummaan kan ibsamu yoo ta'an, gama biraatin immoo,akka isaan afaan 'sirrii hintaanetti/dogogoraan yookiin Afaana Inglizii gaarii hintaanee' haasawanitti ilaalamu.

Yaadni inni biraa looga ilaalchisee jiru,loogni kan namoota barreeffama hinqabne,seera afaanii kan cabseefi dogoggora kan qabuu jedhudha.Yaadonni kunniin hayyoota xiinqooqaa biratti

fudhatama hinqabu. Hayyoota biratti gama hundaanuu loogonni afaan tokko keessa jiran martiinuu walqixadha. Loogni akka waliigalaatti yoo hiikamuu,garaagarummaa hasawaa afaan tokkoo keessaatti,iddoo tokkotti kan dubbatamu,kutaa hawaasaa tokkoon kan dubbatamu,jechootaan,sagaleedhaanfi seerlugaan kan adda ta'edha.

## 2.10. Sakatta'a Baruu Walfakkii Qaban

Qorannoon loogawwan afaan Oromoo JiilleeTuulamafi Waayyuu Arsii ilaalchisee asiin dura gaggeeffame kallattiin argachuu hindandeenye. Kanaafuu,qarannoon kunis loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii irratti kan xiyyeeffatedha. Haata'u malee,hojiiwwan yookaan qorannoon biroo kan qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya qabaniifi fayyadan hinjiran jechuu miti. Qorannoon loogawwan afaan Oromoofi afaan biroo irratti gaggeeffamaniifi walitti dhiyeenya qabanitti kan gargaarame yoo ta'u akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Tamasgeen,(1979) mataduree afaan Amaaratiin "Garaagarummaa loogawwan Gaammoofi Walaayittaa" jedhuun waraqaa eebbaa digirii 1ffaa (BA) irratti gaggeessee jira. Waraqaa kana keessatti loogawwan Gaammoofi Walaayittaa jidduutti sadarkaa seerlugaatti garaagarummaa isaan qaba irratti xiyyeeffata. Garaagarumma loogawwan lamaan jidduu sadarkaa seerluga afaanichaatti qaban adda baasuuf yaalee jira. Haata'u malee,Sadarkaa dhamsagaa irraa kaasee hanga hiikaatti bal'inaan hinxiinxalle.

Alaamayyoon(1980) mata duree 'Garaagarummaa Loogawwan Koonsoofi Walaayitaa jidduutti.'jedhu irratti gaggeesseen loogawwan lameen jidduuttii sadarkaa jechaatti garaagarummaa qaban adda baasee ibsuu yaalii godhee jira. Qoraannoon kunis sadarkaa jecha qofatti garaagarummaa isaanii adda baasuu irraatti qofaa kan xiyyeeffatee ta'uun qorannoo kanaan gargar isa taasisa.

Jiildiiwwan Qajeelcha qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatii (1990-2010) manxaffaan Wiirtuu Jiildii-I, 3, 7, fi 9 garaagarummaa loogawwan Afaan Oromoo, qoqqoodinsa loogawwan afaan Oromoo,afaan kana waalteessuufi moggaasa jechoota afaan Oromoo irratti kan gaggaeeffaman addeessu. Wiirtuulee kanneen keessatti qorannoon guutuufi bal'ina qaban kan hindhiyaanneefi baay'inaan sadarkaa jechootaatti garaagarummaa loogawwan Afaan Oromoo keessatti jiran ibsuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uun qoraannoo kana waliin adda isaan godha. Qorannoon kun garaagarummaa loogawwan jidduutti mul'atu adda baasee

hubannoo yookaan beekkumsa dabalataa bu'uura kaa'uun kaayyoo isaa ta'uun qorannoowwan olitti ibsamaniin walitti dhiyeenya qabu.

Garaagarummaan isaan qaban qorannoon kun kutaa Loogawwan lamaan irratti sadarkaa dhamsagaatii hanga himaatti jiran adda baasuun isaa adda isa taasa. Qorannoowwan olitti ibsaman loogawwan Oromiyaa keessa jiran hundaa irratti garaagarummaa sadarkaa jechootaatti qofa qaban adda baasee ibsuu irrattiifi afaan waaltessuu keessatti baay'inaan kan xiyyeeffataniidha. Gosaa (2016)Xiinxala loogawwan Afaan Oromoo Arsiifi Haragee irratti qorannoo taasisaniiru. Haata'umalee,gosoota Oromoo Jiilleefi Waayyuu giddutti garaagarummaa haasawaa wanta hanga yeroo kanaatti hingeeggeefamneef,qoraannoon kun qaawwa kana duuchuuf gaggeeffama.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa sadaffaa qorannoo kana keessatti,saxaxa qorannichaa,mala qorannichaa,irraawwatama qorannichaa,madda ragaalee,iddattoo qorannichaa,malleen funaansa ragaa qorannichaa,afgaafii hincaaseffamne,daawwannaa fi mala qaaccessaa ragaalee haala armaan gadiitiin dhihaateera.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

saxaxi qorannoo waliigala qorannichaa kan too'atu ta'ee, kaayyoo waliigala irratti kan hundaa'udha. Qorannoon kun mala akkamtaatti fayyadamuun ibsame.Gosti akkamtaa isa jalqabarra ragaa qabatamaafi firii barbaadame argachuuf tajaajila. Innis,dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsaa, odeeffannoowwan funaanaman daawwachuun waan argaman,dhagahamaniifi bifa af-gaaffiifi daawwannaan odeeffannoo sassaabuun fayyadame.

Saxaxa qorannoo/ research design /ilaalchisee Addunyaan(2011:63) Hayyoota kanneen akka Cohen, Manion and Morrison(2005:73) wabeeffachuun yoo ibsu ,"Research design is governed by the noyion fittness or purpose.The purposes of research determine the methodology and design of research."jechun ibsu. Kunis kan nama hubachiisu,saxaxni qorannoo mala ittiin ibsamu, akaakuu qorannichi ittiin gaggeeffameen,gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun nidanda'ama. Kanumaan walqabsiisuun,qorannoo kana keessatti odeeffannoo akkamtaatiin irraawwatamoota qoronnichaa irraa waaan sassabamuuf,saxaxi qorannoo kanaa qorannoo ibsaati.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatti gargaaramuun kan dhiyaatedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan mala funaansa ragaalee adda addaatiin guuramanis jechaan ibsamuun hiika kan argatanidha. Kuns,dhimmoota qorannoo akkamtaa keessatti dhiyaatan jechaan yoomessa bu'ura godhaten ibsame. Kanaafuu, mala kana keessatti jalqaba daawwanna gaggeessuun, Wantoota dawwataman sana immoo galmeessuun, wantoota galmeeffaman sanneen ammoo haala gaarii ta'eeniifi amanamaatiin yoomessaa uumamaatiin jechaan ibsamuun kan gaggeeffameedha. Haaluma kanaan, qorannoon kun mala akkamtaa fayyadamuun kan dhiyaatedha. Dastaan (2010) Yalew (2006) waabeffachuun akka ibseetti, "Qorannoo ibsuu haala ibsaan walitti dhufeenya jijjiiramtootaa agarsiisuudhaan tarreessuudha. Dhimmicha sana irra

keessa ilaaluu kan bira darbamuu miti. Kana waan ta'eef,gadifageenyaan sassaaqamee kan ibsamuu qabuudha." Haaluma walfakkaatuun Addunyaa(2011:60) yoo ibsu,"Malli akkamtaa, haalli jiruufi jireeyna hawaasa yookiin amala hawaasa sanaa akkaataa,bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittin xiinxalamudha",jedha.Yaaduma olii kana bu'uureffachuun qorattuun garaagarummaa haasawaa Afaan Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti mul'atu qaaccessuuf malli akkamtaa hojiirra ooleera.

### 3.2.1. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatama qorannoo kanaa ta'uun kan qorannoon kun irrattii gaggeefame hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi aanaa Booraajiraataniifi hawaasaafaanichatti fayyadaman irrattidha. Kunniinis,galmaan gahiinsa qorannoo kanaatiif murteessaa waan ta'aniif.

### 3.2.2. Madda Ragaalee

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaadha. Kunis, kaayyoo qorattuu bu'uura godhachuun hawaasa itti fayyadama afaanichaa aanaalee lamaan keessatti qorannoon irratti gaggeeffame irraa kaallattiin kan fudhatamedha. Kunis,aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Konbolchaa keessaa namoota 20 yoo ta'u,dhiirota 10fi dubartoota 10 irraa odeeffannoon funaannameera. Akkasumas,aanaa Booraa keessaas namoota 20,dhiirota 10fi dubartoota 10 irraa odeeffannoon kan fudhatame yoo ta'u walumaagalatti,odeeffannoon odeeffannoo kennitoota 40 irraa funaannameera.

### 3.2.3. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf malli iddatteessuu barbaachisaadha. Odeeffannoon namoota odeeffannoo kennan irraa walitti sassaabbamu qulqullina akka qabaatu kan taasisu,odeffannoo sassaabamu tokko walitti qabuudhaafi odeeffannoo kennitoota filachuun barbaachisaadha. Kun kan ta'eef, namoota hunda isaanii filachuun humnaafi mallaqa hedduu waan gaafatuuf. Qorattuun qorannoo kana galmaan naa gaha jettee gosti itti gargaaramte iddatteessuu carraafi miti-carraadha. Iddatteessuu carraa keessaas,mala iddatteessuu carraa tasaa gargaaramteetti. Akkasumas,gosa iddatteessuu miti-carraa keessaas iddatteessuu akkayyoo gargaaramtee jirti.

Dhimma kana Berg.(2001:32)."When developing a purposive sample researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population" jechuun cimsa. Kanaafuu,gosa iddatteessuu carraa tasaan irraawwatamtoota aanota lamaan keessatti argaman keessaa odeeffannoo kennitootni filamaniiru. Kunis,aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Konbolchaa keessaa namoota 20 yoo ta'u,dhiirota 10fi dubartoota 10 irraa odeeffannoon funaannameera. Akkasumas,aanaa Booraa keessaas namoota 20,dhiirota 10fi dubartoota 10 irraa odeeffannoon kan fudhatamedha.

Walumaagalatti,odeeffannoon odeeffannoo kennitoota 40 irraa funaannameera. Karaa biraan,mala iddatteessuu miti-carraa keessaa iddatteessuu akkayyoon gargaaramtee jirti. Kanas,qorattuun ta'i jettee carraadhaan ala ofii isheetiin iddattoo ishee barbaachisu kan filattedha.Sababni isaas,qorattuun odeeffannoo gahaa nan argadha jettee waan yaaddeefi sababa tatamsa'ina dhibee koronaatiin haala barbaadameen hawaasa keessa sosochuun waan hindanda'amneef. Haaluma kanaan,gandoota aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Konbolchaa keessaa gandoota 10tu filatame. Akkasumas,gandoota aanaa Booraa keeessatti argaman keessaa gandoota 8tu filatame. Walumaagalatti,odeeffannoon gandoota 18 aanaalee lamaan keessatti argaman keessaa fudhameera

### 3.2.4. Malleen Funaansa Ragaa Qorannichaa.

Odeeffannoo ifaafi haqaqabeessata'e, funaanuuf meeshaaleen funaansa odeeffannoo milkaa'ina qorannoo sanaaf gumaachi isaan qaban olaanaadha. Odeeffannoon qorannoo mala akkamtaa karaa adda addaatiin funaannama. Dastaan(2013:110)fi Yaalaw (2006:151) wabeeffatee maalummaafi mala odeeffannoo yoo ibsu,"Qoraannoon kamiiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama. Ragaan yookaan odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'uu isaati. Odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'e kunis,kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf malleen ittiin funnanamu qaba." jechuun ibsa. Malleen odeeffannoon ittiin funanaman hedduu ta'anis, kaayyoo qorannichaa milkeessuuf qorattuun malli gargaaramte kanneen akka afgaaffi, daawwanaadha.

#### 3.2.4.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanaman keessaa isa tokko ta'ee kan odeefffannoo kennitootafi qorattuun fuulleetti walarguun odeeffannoo qorannoo isheef barbaachisu ittiin sassaabattedha. Blaxter &others (2006:176) "A face to face contact is made with the informants

(persons from whom the information is to be obtained) under this method of collecting data. The interviewer asks them questions pertaining to the sarvery & collects the desired information"jechuun ibsu. Kanarraa kan hubannu afgaaffiin kan qorataafi odeeffannoo kennaan haasa'a afaaniitiin yaada wal jijjiiran yoo ta'u, kunis, qaamaan walbirratti argamuun kan adeemsifamudha. Haalumakanaan,afgaaffii hincaaseffamneen iddatteeffamaa irraa odeeffannoo qaaman argamuun gaaffilee kaayyoo qorannoo ishee galmaan gahaniif qopheeffatee funnaanatee jirti.

Faayidaa afgaaffii Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, “Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif odeeffannichi argamu aslii ta'a," jedha.Yaaduma kanarraa ka'un qorattuunis, galmaan ga'insa kaayyoo qorannoo isheef afgaaffii gargaaramte jirti.Haaluma kanaan, afgaaffii hincaaseffamne fayyadamuun gaaffiillee adda addaa hirmaattotaaf dhiyeesite jirti. Gaaffilee ka’aniif deebiin hirmaattotaa barreeffamaan qabuudhaan gad-fageenyaan qaacceffameera.

### 3.2.4.2. Daawwannaa

Daaawwannaan qorattuun ragaa dabalataa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf yoomessa uumamaa keessatti bakka dhimmi qoratamu itti raawwatamu sanatti argamuun,haasaa dubbatamu hubachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e qaamaan biratti argamuun itti hirmaachaa dhaggeeffachuudhaan akka qulqulleeffattu kan gargaaredha. Kothari (1985:96) "Under the observation method ,the information is sought by way of investigator's own direct observation without asking from the respondent." jechuun ibsa . kanarraa kan hubannu, daawwannaan kan qorataan qaamaan dhihaachuun odeeffannoo barbaadu deebistoonni osoo hinbarbaachisiin ofuma isaatii funaannatu ta'uu isaati. Haaluma ibsa armaan oliirratti hundaa'uun, qorattuun daawwanaa ishee haala barbaadameen sababa dhukkuba koronaan iddoo adda addaatti argamuun walitti qabachuu baattuus, hamma danda'ame socho'uun daawwannaa ishee gaggeessite jirti. Kunis, yeroo hawaasni naannoo sanaa dubbii dubbataniifi guyyaa gabaa, hawaasa keessa iddoo adda addaatti socho'uun daawwannaa dhaggeeffachuu irratti xiyyeeffate gaggeessuun odeeffannoo sassaabattee jirti. Walumaagalatti,Qorattuun hamma dandeessu hawaasaa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii keessa socho'uun loogawwan adda addaa hawaasa lamaan gidduutti mul’atan dhaggeeffachuufi waraabuun odeeffannoo galmeeffattee jirti.

### 3.2.5. Mala Qaaccessaa Ragaalee

Qorattuun qorannoo ishee keessatti malli odeeffannoo funanaman ittiin qaaccessite qabdi. Haaluma odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaawwanii lamaan ( daawwannaafi afgaaffiin) namoota gama lamaaniin jiran irraa walitti sassaabame haala armaan gadiitti kan qaacceffame ta’a. Ragaawwan mata-durichaan walqabatan guutummaa,sirrummaafi qulqullinni isaa calalamee kan mirkaneedha. Ragaawwan kaayyoo qorannichaatiin wal hinqabanneefi hir’uu ta’an battalumatti keessaa haqame jira. Ragaawwan haala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin akaakuu akaakuun,kophaa kophaatti gurmeeffame ka'aameera. Ragaawwan argaman hundi isaanii bifa barreeffamaatiin qindaa’anii kanibsamaniidha. Kunis,odeeffannoowwan bifa afgaaffiifi daawwannaan argaman walitti qabde ragaadhaan deeggaruun garee gareetti qooduun ibsa itti kennuun qaaccessiti jirti.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXAL RAGAALEE

## 4.1.Seensa

Xiinxala garaagarummaa looga hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa irratti xiyyeeffate boqonnaa kana jalatti odeeffannoon bifa afgaaffiifi daawwannaatiin sassaabaman ragaadhaan deeggaruun qaacceffamaniiru. Garaagarummaan looga Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduu jiru sadarkaa xiinsagaa,dhamjechaa,xiinjechaa,caas-himaafi garaagarummaa hiikaatiin adda baasuun xiinxalamaniiru. Xiinxalli loogaa kunis kan gaggeeffame garaagarummaa afaan tokko jiddutti sababa garaagarummaa iddootiin uumamu looga naannoofi seenduubee walittidhufeenya hawaasni tokko waliin qabu irratti xiyyeeffachuundhaan,sababa teesuma naannoorraa kan ka'e, haala jireenya hawaasumman,duudhaan hawaasa lamaan kanneen giddutti garaagarummaan loogaa jiraachuunsaa mirkanaa'eera.

## 4.2.GaraagarummaaLoogawwan Lamaan Jidduutti Dhamsagarratti Mul'atan

Dhamsagni haala uumamsa /tolfaminsa isaatin loogawwan jidduutti garaagarummaa nimul'isu.BATO,(1998) Yaada kana yoo ibsu,"dhamsagoonni afaan tokko keessatti argaman iddoo garaagaraatti tolfamuun isaanii dhamsagoonni garaagaraa akka tolfaman isaan taasisa",jedha.Uumamsa dhamsagoota sadarkaa afur keessa darbuun kan uumaman yoo ta'an kunis,somba→Harsassee→ funyaan/Afaan/→Laagaafi Arraba keessa darbuun akka uumaman irraa hubanna. Sadarkaa kanneen eeguudhaan iddoon dhamsagoonni itti uumaman garaagarummaa niqabu

Haalli dhamsagoonni afaan tokko keessatti argaman bakkafi haala uumamsa dhamsagotaa irraa kan ka'e loogawwan keessatti sadarkaa dhamsagaattii garaagarummaan akka uumamu godha. Bu'uura kanaan loogawwaan Afaan Oromoo kanWaayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti sadarkaa dhamsagaatti garaagarummaa jiran akka itti aanu kanaan kan xiinxalameefi ibsi ittti kenname ta'a.

### 4.2.1.Garaagarummaa loogaa Sadarkaa Sagaleessuu

Waa'ee sagaleessuu,"Words can be characterised as the minimal forms which can be pronounced in isolation."(Chomsky and Halle 1968:367–9).jechuun ibsa. Yaada kana

irraa amalli jechootaa kan ittiin garaagarummaa mul'isan haala unkaa xiqqaa ta'een sagaleessuu akka ta'e h ubatama.

Garaagarummaan loogaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti sadarkaa garaagaraatti kan mul’atudha.Garaagarummaa loogawwan Afaan Oromoo hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii keessatti qaban sagaleewwan,jechootaafi himoota kanaa gadiitti dhiyaatan keessatti xiinxalamaniiru.Haaluma kanaan,sadarkaa garaagaraatti garaagarummaa loogaa hawaasa kanneen lamaan gidduutti mul’atan tokko tokkoon akkaataa armaan gadiin funaanamanii dhiyaatanii jiru. Bu’uuruma kanaan,ragaaalee armaan gadii sadarkaa itti loogni kun mul’atu haa ilaallu.

**(1)**

| **Looga Jiillee Tuulamaa** | | **Looga Waayyuu Arsii** | |
|---|---|---|---|
| *Ku'alama* | | *Kudhalama* | */dh/* |
| *Ka'aa* | */'/* | *Kadhaa* | */dh/* |
| *Ulfaa'u* | */'/* | *Ulfaadhu* | */dh/* |
| *Jabaa'u* | */'/* | *Jabaadhu* | */dh/* |
| *Qal'aa* | */'/* | *Qaldhaa* | */dh/* |
| *Hir'uu* | */r'/* | *Dhidhuu* | */dh/* |
| *Fuu'ame* | */'/* | *Fuudhame* | */dh/* |
| *Qaqal'isuu* | */l,'/* | *Qaqadhisuu* | */dh/* |
| *Fe'uu* | */'/* | *Fedhuu* | */dh/* |
| *Kaka'u* | */ ' /* | *Kakadhu* | */ dh /* |

Akkuma (1) jalatti ragaalee dhiyaatan irraa hubatamutti,haala dubbii hawaasni naannoo tokko jiraaturraa kan ka'e sagaleelee keessatti itti fayyadamuu qaban keessaa muraasa jechoota yoo waaman yeroo tokko tokko immoo gatuun sagalee biroo bakka buusun nimul'ata. Fakkeenyaaf,sagaleen /dh/ looga hawaasa Oromoo Jiillee biratti yeroo baay'ee itti hinfayyadamani,sagalee/'/, /r/, /l/n bakka bu'ee argama. Jecha looga Jiillee Tuulamaa ka'aa (kadhaa) jedhu;loogaWaayyuu Arsii dubbataniif ol jedhaa (haa deemnuu) jechuudha. Looga Jiillee Tuulamaatti fe'uu(fedhuu) yoo fudhannne Waayyuu Arsiitti hiika meeshaa Harreerra kaayanii fe'umaan itti hidhuu jechuudha.

Dhamsagota **/dh/ fi /'/** iddoo waljijjiiruu keessatti, Arsiin **/dh/** kan iddoo uumamsi isaa Irgee ta'ee, haalli uumamsaa ammoo cufaa ta'eefi amartiin dibbee sagalee isaa mixxiixaafi dhootuu ta'eetti gargaaramee yoo sagaleessu,Jiillee Tuulamni garuu,sagalee **/'/** kan iddoon uumamsaa kokkee ta'e,haalli uumamsaa ammoo cufaa kan ta'eefi amrtiin dibbee sagalee isaa gidduutti fayyadamee sagaleessa. Kuni ammoo,loogawwan lamaan keessatti **/dh/fi /'/**iddoo uumamsaa,akkaataa uumamsaafi amartii dibbee sagaleetiin garaagarummaa kan qaban itti fayyadamuu isaanii irraa hubanna.

Loogawwan lamaan jidduutti garaagarummaan qaban yoo xiinxalamu,Jiillee Tuulamaa keessatti dhamsagoota /'/ ,/l/, /r/ jechoota keessatti yeroo baay'ee gargaaramee yoo sagaleessuu, Arsii Waayyuu garuu, sagalee /dh/ iddoo buusuun gargaaramee sagaleessa. kanarra kan hubannu, Jiilleen Tuulamaa /dh/ yoo jechoota keessaa gatani dhamsagoota /'/, /l/, /r/,bakka buusun gargaaraman nimul'ata.

Hawaasni Jiillee Okkolaa,Offaltii,Obonboleettii jechuun yoo dubbatan,Arsiin Hokkolaa, Hoffaltii,Hobomboleettii jedhu. Dhamsagoota /o/fi/h/ yoo ilaalu Jiilleen /o/ fayyadame yoo sagaleessuu Arsiin immoo /h/ bakka buusun garaagarummaa qaban mul'isa.Jiillee jechoota keessatti sagalee /h/ yoo gatan Arsiin immoo sagalee/h/ itti dabaluun sagaleessa.

Dhamsagoota /ch/fi/t/ jechoota keessatti garaagarummaa isaanii addaan baasuuf, hawaasni Jiillee nyaachuu,baachuu,sodaachuu,gaafachuu,wayyachuu,abdachuu,filachuu,fudachuujedhu.
Arsiin garuu,/ch/jechoota keessaa gatun /t/ iddoo buusuun nyaatuu,baatuu,sodaatuu,gaafatuu, wayyatuu,abdatuu,filatuu,furdatuu waan jedhaniif garaagara isaan taasisa.

Hawaasni Oromoo Jiillee Tuulamaa sagalee /ch/jechoota baay'ee keessatti yoo dhimma itti bahan, Arsiin Waayyuun immoo sagalee /t/n bakka buusuun itti fayyadamu. Kana malees, Oromoon Jiillee Tuulamaa irreecha jechuun yemmuu yaamu,Oromoon Waayyuu Arsii immoo sagalee /ch/ sagalee /s/n bakka buusuun irreessa jechuun itti fayyadamu. Garaagarummaan dhamsagoota kanneeni iddoo uumamsaan,akkaataa uumamsaanifi haala dibbee sagaleetiin adda addakan ta'anitti akka fayyadaman irraa hubanna.

Walumaagalaatti,loogawwan Arsiifi Jiillee gidduutti garaagarummaan sadarkaa sagaleessuu /pronunciation/ tti mul'atan keessaa sababiiwwan iddoo uumamsa dhamsagootaatiin, akkaataa uumamsa dhamsagootaatiniifi haala dibbee sagaleetiin adda adda akka isaan

taasisu nu hubachisa. Haala kanaan, loogawwan Arsiifi Jiillee gidduutti garaagarummaan sadarkaa sagaleessuutii akka jiraatu kan taasisu ta'uu isaa irraa hubatama.

### 4.2.2.Firoommii Dhamsagootaa

Loogawwan keessatti haalaafi akkaataa sadarkaa firoommiitti /assimilation/ ittiin uummamaniifi garaagarummaa fiduu danda'a. Loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduuti garaagarummaan mul'atan yoo xiinxalamu haala itti aanee jiru kana ta'a. Firoommii guutuun,dhamsagoota ollaa walii jiran amala isaanii walii ergisuun guutummaatti yoo bifaan wal-fakkaatan firoommiin isaanii guutuu taasisa. Gama birootiin,firoommii gamisaa kan jedhamu,dhamsagoonni amala muraasaan walfakkaachuu isaanii agarsiisa. Dhamsagoonni walii ollaa jiran amala isanii gamisaan wal fakkatu malee guutudhaan kan wal faakkaatan miti. Jechoota asii gaditti ibsaman sadarkaa firoommii guutuufi sadarkaa firoommii gamisaatiin loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti dhamsagoonni garaagarummaa isaan mul'isan yookiin qaban yoo xiinxalamu haala armaan gadiitiin dhiyaateera.Fakkeenya.Sadarkaa firoommii guutuutti loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee gidduutti mul'atu. Ragaan itti aanus,yaada kana cimsa.

**(2)**

| **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Waayyuu Arsii** |
|---|---|
| *Wanta=wan- +- ta=wanta ~ n+t=nn* | *Wanna ~nn* |
| *Baqsuu= baq-+-suu=baqsuu~ q+s=ss* | *Bassuu ~ss* |
| *Tiksuu=tik-+-suu=tiksuu~ k+s=ss* | *Tissuu ~ss* |
| *Miliqsuu=q+s=ss* | *Milissuu ~ss* |
| *Gogsuu=g+s=ss* | *Gossuu ~s* |
| *Digdama=g+d=dd* | *Diddama ~dd* |
| *Gumgumuu=m+g=n* | *Gungumuu ~n* |

Jechoota armaan olii (2) jalatti dhiyaatan keessatti Waayyuun Arsii firoommii guutuudhaan firoomsuun kan sagaleessuu yoo ta'u,Jiilleen Tuulamaa garuu,osoo firoommii guutuun hinfiroomsiin firoommii gamisaatiin firoomsee yoo sagaleessee fayyadamu irraa xiinxalla. Haata'umalee,jijjiirama hiikaa hinfidan.

Akka waliigalaatti,sadarkaa firoommii keessatti garaagarummaan loogawwan lamaan gidduutti mul'atan irraa kan hubatamu,Waayyuun Arsii baay'inaan firoommii guutuu ta'etti kan fayyadamuufi kan sagaleessu yoo ta'u,Jiilleen Tuulamaa garuu,firoommii gamisaatti dhimma bahuun kan sagaleessu ta'uu isaa hubbanna. Kana ta'uun isaa,dhamsagoota firoomsuu keessatti loogawwan lamaanuu akkaataa dubbiif /sagaleessuuf/ isaanii mijatuutti iddoon uumamsa dhamsagootaa garaagarummaa akka qabaatan dhiibbaa kan fidu ta'uu isaati.

### 4.2.2.1. Jechoota Bifa Firoomina Fagootiin Hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii JidduuttiMul'atu.

Itti fayyadama looga hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii keessatti garaagarummaan jechootaa bifa firoomina fagoo nimul'ata. Kunis,firoommii gamisaa kan jedhamu,dhamsagoonni amala muraasaan walfakkaachuu isaanii agarsiisa. Dhamsagoonni walii ollaa jiran amala isanii gamisaan wal fakkatu malee guutudhaan kan wal faakkaatan miti.

**(3)**

| **Looga Jiillee Tuulamaa** | | **LoogaWaayyuu Arsii** | |
|---|---|---|---|
| *Mii'agduu* | */'/,/g/* | *Midhaadduu* | */dh/,/d/* |
| *Madaquu* | */d/* | *Maxaquu* | */x/* |
| *Boowuu* | */w/* | *Booyuu* | */y/* |
| *Kara* | */k/* | *Gara* | */ g/* |
| *Gahaa* | */h/* | *Gayaa* | */y/* |
| *Otoo* | */t/* | *Osoo* | */s/* |
| *Micoo* | */i/,/oo/* | *Mucattii* | */u/,/-attii/* |
| *Mi'a* | */'/* | *Miya* | */y/* |
| *Bishaan* | */sh/* | *Bisaan* | */s/* |
| *Woonfala* | */w/* | *Hoonfa* | */h/* |
| *Walakkaa* | */w/,/a/,/l/* | *Hodhakkaa* | */h/,/o/,/dh/* |
| *Akkam* | */ k/* | *Attam* | */t/* |
| *Bassoo* | */s/* | *Bachoo* | */ch/* |
| *Goyyoomsuu* | */y/* | *Gowwoomsuu* | */ w/* |
| *Xinnaa* | */x/ ,/nn/* | *Diqqaa* | */ d/,/qq/* |
| *Qarqaari* | */q/* | *Gargaari* | */g/* |
| *Yaami* | */y/* | *Waami* | */ w/* |
| *Callisa* | */ l/* | *Cadhisaa* | */dh/* |

Haala ragaa (3) jalatti hubatamutti,hawaasaOromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti jechoonni bifa firoommii fagootiin uumaman hedduu ta'uusaaniiti. Firoomina fagoo keessatti,dhamsagni tokko dhamsaga isatti aanee jiru dhiisee kan isarraa hiixatutti firoomuu danda'a Addunyaa (2012:79-80). Jechoonni armaan olitti argaman sagaleewwan dubbifamaa

iddoo walii bu'uun adda addummaa mul'isan kunniin amala firoommii fagootiin hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti kanmul'atu ta'uu isaa hubanna.

### 4.2.2.2.Garaagarummaa sababa sagalee dubbachiiftuun hawaasa lamaan jidduutti mul'atan.

Garaagarummaa haasaa hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti sababa sagaleelee dubbachiiftuu garaagaraa fayyadamuu irraa kanuumamu nimul'ata. Haa ta'u malee,garaagarummaan sagaleelee kunniin hiika hinjijjiiran. Haaluma kanaan,akkaataa sagaleeleen kunniin itti mul'atan haa ilaallu.

| **(4)Jiillee Tuulamaa** | | **Waayyuu Arsi** | |
|---|---|---|---|
| *Abjuu* | */a/* | *Eebjuu* | */ee/* |
| *Shuummoo* | */uu/* | *Shiimoo* | */ii/* |
| *Ijoollee* | */i/* | *Ujoollee* | */u/* |
| *Kinoo* | */i/* | *Kunoo* | */u/* |
| *Wantaa* | */aa/* | *Wantee* | */ee/* |
| *Bishooftuu* | */i/* | *Buhooftu* | */u/* |
| *Micaa* | */i/* | *Mucaa* | */u/* |

Ragaalee (4) irraa wanti hubatamu,hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti garaagarummaa sadarkaa sagaleelee dubbachiiftuutiin jechoota keessatti mul'atan yoo ta'u, garaagarummaan isaan uuman yoo xiinxalamu hiikaan tokko ta'aniillee sagaleen adda addaa ta'uu isaaniis hubatamani jiru.

### 4.2.2.3.Jechoota muraasarraa dhamsaga jalqabaa haquun mula'atan

Haquun akaakuu alfiroommii keessaa tokko ta'ee,adeemsa dhamsagoota hiriira keessaa dhabamsiisudha. Adeemsa kanaan dhamsagoonni ollaa walii hiriiruu dadhaban amala walii kennuufi fudhachuun kan ittiin dhabamanidha. Addunyaa (2010:24-26).

Hawaasni Jiillee Tuulamaa jechoota muraasarraa dhamsaga jalqabaa yoo gatan nimul'ata.

| **(5)Looga Jiillee Tuulamaa** | **LoogaWaayyuu Arsii** |
|---|---|
| *Ibee* | *Dhibee* |
| *Akaa* | *Dhakaa* |
| *Ugaa* | *Dhugaa* |
| *Eenggadda* | *Dheengadda* |
| *Aame* | *Dhayame/dhaame* |
| *Oowwamaa* | *Dhooggamaa* |
| *Iyana* | *Dhiyana* |
| *Ifama* | *Dhifama* |

Jechoota (5) jalatti dhiyaatan irraa wanti hubatamu Waayyuun Arsii jalqaba jechootaarratti dhamsaga/dh/ yoo fayyadaman,Jiilleen Tuulamaa garuu,jechoota kanniin irraa dhamsaga /dh/ haquun kan fayyadaman ta'uu isaati. Kun immoo,hawaasa lamaan jidduutti garaagarummaa loogaa sagaleessuu irratti uumeera.

## 4.2.2.4. Jechoota sababa Waljafuun uumaman

Waljafuun adeemsa wal-baqanna keessaa tokko ta'ee dhamsagoonni ollaa walii jiran kan isaan ittiin bakka teessummaa wal-jijjiiranidha.jechuun Addunyaa (2010:28)addeessera.Hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduuttis sagaleewwan waljafuun uumaman nimul'atu.

**(6)**

| **Jiillee Tuulamaa** | **Waayyuu Arsii** |
|---|---|
| *Kofalchiisaa* | *Kolfisiisaa* |
| *Magra* | *Marga* |
| *Kofla* | *Kolfa* |
| *Dubra* | *Durba* |
| *Dabre* | *Darbe* |
| *Sinboo* | *Simboo* |

Akkaataa ragaa (6) jalatti ibsameen, hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsiigidduutti garaagarummaan waljafuu sagaleewwaniitiin uumaman muraasni isaanii akka armaan oliiti ilaalle, kan sagaleewwan /f/ fi /l/ ,/g fi r/ ,/f fi l/, /b fi r/n bakka wal-jijjiiruu dhamsagootaatiin mula'ataniidha. Jijjiirraan bakkaa kun immoo, hiikarraan dhiibbaa hingeessine. Kanaafuu,dhamsagoonni kunneen kan waljafuu danda'aniif sababa adda addummaa haasaa hawaasa lameenii ta'usaa hubanna.

### 4.3. Garaagarummaa Sadarkaa Jechootaatti Loogawwan Lamaan Jidduu Jiru.

Akkaataa garaagarummaan sadarkaa jechootaatti ittiin uumamuu malu ilaalchisee,karaa addaa addaatiin kan jiran yoo ta'u,isaan keessaa ibsaafi fakkeenya armaan gadiitti xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan,ragaalee funaanamanii xiinxalaman haala itti aanuun haa ilaallu.

#### 4.3.1. Garaagarummaa Jechoota Moggoo

Jechoonni unkaafi sagaleessun adda adda ta'anii hiikaafi itti fayyadama keessatti tokkummaa qaban loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti garaararummaa qaban mul'isan hedduu ta'an nijiru. Garaagarummaa sadarkaa kanatti mul'atan mirkaneessuuf jechoota fakkeenya armaan gaditti dhihaatan asjalatti xiinxalamee jiru haa ilaallu.

**(7)**

| Jecha | Looga Jiillee Tuulamaa | Looga Arsii Waayyuu |
|---|---|---|
| *Cinaa* | *Cinaa /bira* | *Laddaya / Ladda* |
| *Maaloo* | *Maaloo* | *Yabootii* |
| *Adurree* | *Adurree* | *Basurree* |
| *Saffisan* | *Atattamaan* | *Daddafaan* |
| *Beellama* | *Beellama* | *Haaganaa* |
| *Okkotee* | *kurfoo* | *Ottee* |
| *Fokkiftuu/bushooftuu* | *Bodeettii /fokkiftuu* | *Bushooftuu* |
| *Adabuu* | *Adabuu* | *Itti yaasuu* |
| *Dhukkuba horii* | *Alooyyee* | *Dhibee horii* |
| *Balaqeesa* | *Bilicisa* | *Mashisa/feleqisa* |
| *Hiriyaa* | *Busqee /jaalallee* | *Goshoo/jaalalloo* |
| *Yeroosan* | *Oggattoo* | *Yoosan* |
| *Coqorsa* | *Coqorsa* | *Qorxoo* |
| *Dabalate/eda'ate* | *Dabalate* | *Eda'ate* |
| *Lakkii* | *Lakkii* | *Wa'aa* |
| *Saantima kudhan* | *Doolchee* | *Kaareessaa* |
| *Fuuldura* | *Fuundra* | *Afoo* |
| *Dafqa* | *Dafqa* | *Fuuruu* |
| *Dhaabatuu* | *Ejjachuu* | *Dhaabatuu* |
| *Addacha* | *Addacha* | *Muka ajoo* |
| *Haasa'a* | *Dubbii* | *Qaaqa* |
| *Bareedaa* | *Fittaalaa* | *Nama bareedaa* |
| *Dirmammaa'e* | *Darrattaa'e* | *Dirmammaa'e* |
| *Dhalche* | *Dhalfate* | *Uumate* |
| *Qola boqoolloo* | *Qola boqoolloo* | *Koyee* |
| *Waraabessa* | *Waraabessa* | *Hobolaa/bineensa* |

Jechoota (7) jalatti tarreeffaman keessatti garaagarumma looggawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti sadarkaa jechoota unkaafi sagaleen gargar ta'anii hiikaan garuu dhimma

tokko ibsuuf oolan baay'inaan akka jiran kan xiinxalaman yoo ta'u,bal'inaan gabatee hiika jechootaa loogawwan lamaan wal biratti qabamee ibsaman keessatti kaa'amee jira.

Waliigalatti,jechoonni asii olitti sadarkaa unkaafi sagaleessuun gargar ta'an jalatti tarreeffaman loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti garaagarummaa isaan uuman yooxiinxalamu hiikaan tokko ta'aniillee,sagaleefi unkaan baay'ee kan addaan fagaatanifi hiika isaaniin kan walfakkaatan hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti bal'inaan jiraachuun mirkanaa'eera.

### 4.3.2. Garaagarummaa JechootaMasoo

Hiika Jechota kanneenii ilaalchisee Oxford Dictionary (1968 )yoo ibsu. "Eah of two or more words having the same spelling or pronunciation but diffirent meanings and origin." jechuunhiikaittikenna.Afaana Oromoo keessatti jechoonni unkaanfi sagaleen tokko ta'anii hiikaa garuu addaadda ta'an hiika masoo /synonymous/ jedhamu.Jechoonni kanneen loogawwankamiiyyuu keessatti hiikaan garaagaruummaa akka uuman ykn fiduu danda'an mil'isu.Haaluma kanaan jechoonni amala akka kana qaban loogawwan Afaan Orommo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduuutti adda addummaa isaan qaban fakkeenya asii gadii xiinxaluun gaariita'a.

**(8)**

| **Jechoota** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Waayyuu Arsii** |
|---|---|---|
| *Urata* | *Lafa barii* | *Qaawala /qaawa* |
| *Soquu* | *Muka muruu /bocuu* | *Barbaaduu* |
| *Bukkee* | *Bira* | *Nama saala lamaa/ sodaata* |
| *Alagaa /halagaa* | *Gosa kan ofii hin taane/nyaapha* | *Qabdoo manaa* |
| *Wantaa* | *Kan diina ofirraa ittisaniin* | *Heektaara hedduu bakka tokkotti* |
| *Agadaa* | *Shankoora* | *Muka boqoolloo* |
| *Dasee* | *Maashillaa/misingaa* | *Hoccuu bututtaa* |
| *Kallee* | *Milkaa'ina* | *killee/ buuphaa* |
| *Qurquraa* | *Bishooftuu* | *Maqaa mukaa* |
| *Raaree* | *Bishaan cicciittee mul'atu* | *Simbira halkani* |

Waliigalatti,sadarkaa jechoonni hiika masoo ta'e / synonymous/ tti garagruummaa loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti argaman jechoota haaluma asii olitti xiinxalamaniin itti fayyadama jechootaa keessatti unkaafi sagaleessuun tokko

ta'anillee, adda addummaa hiikaa akka qabaniifii loogaan akka garaagarummaa qabatan kan isaan taasisu ta'uu ifa baasa.

## 4.4. Garaagarummaa Himaattii Loogawwan Lamaan Jidduuttii Mul'atan.

Himaaf hayyoonnii adda addaa hiikaa garaagaraa itti kennanii jiru. Afaan tokko keesssatti jechoonni hima ijaaran tartiiba qabatamaa kan horfdofan ta'uu isaanii Adger (2003) niibsa.Yaadni hayyuu kanaa kan nu hubachiisu,jechoonni walitti qindaa'an malee kophaa isaaniitti bu'aa buusuu akka hindandeenyefi walitti qindaa'anii hima ergaa guutuu dabarsuu danda'u akka ijaaran irraa hubanna. yaada walqabatuun "A sentence is usually defined as a grammatically indpendante unit made up of a word or goup of words so related as to convey a complete thought" (Peter Elbow,1998). jechuun ibsa. Afaan Oromootis amala kana kan qooddatu ta'ee,mata duree kana jalatti gama tajaajilaa himaatiin garaagarummaa loogawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti jiran akka asii gaditti xiinxalameera

**(9)**

| **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Waayyuu Arsii** | **Hima** |
|---|---|---|
| *A.Kanan je'e malee ta'u.* | *Ka ani jedhe malee hita'u.* | *Kan ani jedhe malee hinta'u.* |
| *B.Amma ammaa namuu ufne.* | *Hanga ammaa homtuu dhufne.* | *Hanga ammaa namuu hindhufne.* |
| *C.Wanta ugaa taane dubbatin.* | *Wanna dhugaa taane hiqaaqin.* | *Wanta dhugaa hintaaane. hindubbatin.* |
| *D.Dubbii saaqinaa.* | *Dubbii baasinaa.* | *Dubbii garaatti qabadhaa.* |
| *E.Horii molgoo bite.* | *Horii qululluu bite.* | *Horii gaafa hin qabne bite.* |
| *F.Shakkiin qaba.* | *Mamii qaba.* | *Mamii /shakkii qaba.* |
| *G.Kallee galle/ta'uu dide.* | *Himmilkoofne/hintaaneef.* | *Hinmilkoofne.* |
| *H.Baay'ee qal'atte.* | *Xiloo taate.* | *Baay'ee huqatte.* |

*I.Kana annee gabaa keessa foqoqaa jirra.**Jiillee**.*
*J.Kana dhabnee gabayaa keessa shunquuqaa jirra.**Waayyuu.***

Himoota sadan (9) jalatti tarreeffaman irraa wanti hubatamuu qabu,ijaarsi himootaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti haala adda addaa ta'een ijaaramus, hiikni isaan kennan tokkuma. Kana malees,hawaasni Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii Waayyuu looga isaanii keessatti yemmuu hima ijaaran dhamjecha (hin-) jedhu yeroo baay'ee dhimma itti hinbayan yookiin keessaa gatutu mul'ata. Ijaarsii himaa kun immoo hawaasa Oromoo biroof,hiika addaa biroo kennuufi danda'a.

Himoota (D irraa hanga J) jiran irraa wanti hubatamuu qabu,jechoonni himicha ijaaran hawaasa lameenu biratti jechoota adda addaa irraa kan ijaaraman yoo ta'u, ergaan isaan dabarsan garuu tokkummaa kan qabaniidha.

Himoota armaan gadii keessatti garaagarummaa sadarkaa sagaleetti hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti mul'atu. Kunis,sadarkaa himaatti kan xiinxalamudha. Haaluma kanaan,ragaalee armaan gadii haa ilaallu.

**(10)**

| **HimaJiillee Tuulamaa** | **Hima Waayyuu Arsii** |
|---|---|
| *A.Dubara heerumaaf geesse.* | *Durba heeruma geette.* |
| *B.Akkam jirtu?* | *Atta/ attam jirtu?* |
| *C. Sokki hibboo* | *Lakki abboo* |
| *D. Isin aggeeffataara!* | *Isin dhaggeeffataara!* |
| *E.Eechaa uftaa?* | *Eessaa dhuftaa?* |
| *F.Bishaan ugaara.* | *Bisaan dhugaara.* |

Ragaawwan (10) jalatti yoo ilaallu,hima Jiillee keessatti yoo 'dubara' jedhan, Waayyuu 'durba' jedhu. Sagalee/b/fi /r/ waljafuun kan uumamee yoo ta'u,jecha Jiillee 'deesse' jechuun sagaleessu Waayyuun 'deette' jechuun sagaleesa. Dhamsagaa /s/fi /t/n bakka wal-buusuun yoo itti gargaaraman mul'ateera. Jijjiirraan bakkaa kun hiika isaaniirratti garaagarummaa hinuumne. Himoota (d,e)jalatti,dubbifamaan /dh/n jalqaba jechootaaraa haqamanii jiru. Garaagarummaan himoota armaan olii keessatti mul'atu.

Dabalataan,garaagarummaa sadarkaa sagaleessuun hima hawaasa Jiilleefi Waayyuu gidduutti kan mul'ate yoo ta'u,hiikni isaanii tokko akka ta'an addaan baafachuun danda'ameera. Bu'uuruma kanaan,ragaalee armaan gaditti dhiyaatan irraa hubachuun nidanda'ama.

**(11)**

| **Jiillee Tuulamaa** | **Waayyuu Arsii** |
|---|---|
| *Maaliif ?* | *Maa /maaf ?* |
| *Koottu.* | *Koo.* |
| *Meerre?* | *Meeti?* |

Himoota (11) jalatti ibsaman irraa akkuma hubatamu,hawaasni Jiillee Tuulamaa dheeressanii yoo ijaaran muraasa Waayyuu Arsii biratti gabaabsanii kan ijaaran ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti,hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii irratti gaggeeffameen garaagarummaan loogaa sadarkaa dhamsagaa hanga himaatti kan mul'atu ta'uusaa xiinxalameera.

## 4.5. Ilaalcha  Hawaasni Looga Irratti Qabu.

Chambers and Trudgill (1980) garaagarummaa ilaalcha namootin looga irratti qaban akkasitti ibsaniiru, ‘dialects are commonly viewed as: substandard, low status, often rustic forms of language, generally associated with the peasantry,the working class, or other groups lacking in prestigde’. Haaluma  hima armaan olii keessatti ibsameetti,loogin  sadarkaa gadaanaa kan afaanii,akkaataa haasawa looga uummata baadiyaa,kan dafqaan bulaa,kan namoota kabajamoo hintaanee jedhu. Kanaafuu,loogin kan ittiin ibasamu qotee bultootaa,kanneen hojii humnaa irratti hirmaatani fi garee/ namoota kabaja gadaanaa hawaasa keessatti qaban ta’uu isaati.

Akka ilaalcha hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti mula'atu loogni yookiin haasawaan kan kootu sirriidha jechuun looga biroo fudhachuu diduutu mula'ata. Kun immoo,sirrii akka hintaaneehayyoota xiinqooqaatiin loogni afaan tokko keessa jiran hundi akka walqixa ta'etti fudhatu.Kanamalees,afaan tokko keessatti loogni jiraachuun isa bal'ina afaanichaa,afaanchi iddoo adda addaatti kan dubbatamuu ta'uusaafi afaanichi badhaadhina jechootaa qabaachuusaa agarsiisa. Haata'u malee,garaagarummaan loogaa hawaasaJiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti mul'atu akka walcaalutti yookiin loogni tokko looga biroo akka caalutti ilaalu. Kun immoo,gama hayyoota xiinqooqaatiin fudhatama hinqabu.Kana malees,loogni tokko qofti akka waalta'uu barbaadu. Hawaasa keessatti loogni garee aangoo qabuufi kutaa hawaasaa olaanaa ta'an akka loogota biroo caalutti fudhatama. Loogni Jiillee Tuulamaa hawaasa waayyuu Arsii  biratti akka cabaqanitti ilaalama. Akkasumas,hawaasa lameen biratti garaagarummaan loogaa mul'atu akka nama hinbarannee,nama baadiyaa jiraatuu,nama sadarkaa gadaanaafi gowwaatti ilaalama.

Walumaagalatti,loogni garaagarummaa hasawaa dubbatoota afaan tokko gidduutti sababa fageenyaan,haala teessuma lafaatiinfi sababa hawaasummaa keessa jiruun uumamuudha. Akkasumas,loogni afaan tokko keessa jiru,sadarkaa dhamsagaarraa hanga seerlugaatti mula'chuu nidanda'a. Hawaasnis kana hubachuun,afaan tokko keessatti loogni jiraachuun isaa afaan sun hawaasa bal'an kan dubatamufi afaanichi jechoota hedduu qabachuu isaa nutti agarsiisa malee loogoni afaanicha keessa jiran akka nama baadiyaa,cabaquu,gowwaattifi qotee bulaatti ilaalamu hinqabu. Rakkoon  kun akka hinuumamne looga waalteessun gaariidha.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA,ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Guduunfaa

Xiinxala loogawwan Afaan OromooWaayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa irratti gaggeessuun garaagarummaa gidduu isaanii jiru ifa baasuun odeeffaannnoo yookaan hubannoo dabalataa dhiyeessuun kaayyoo qorannichaati. Kunis,afaaniifi loogawwan irratti hayyoota garaa garaatiin hiikni adda addaa itti kennamuu isaafi hiikni isaanii garaagarata'e kan qaban ta'uu,sababni isaas, afaan bal'aafi fayyadamtoota hedduu kan qabuufi umrii dheeraafi fagoo kan qabu ta'uu isaa, afaanifi ilmi namaa hariiroo ykn walitti dhufeenya cimaa ta'e kan qaban ta'uu isaaniifi tajaajila ilma namaa qofaaf akka oolu,ilma namaatiif kennaa addaa akka ta'e irrattii kan waliigalan akka ta'e qorannoo kana keessatti hubatamee jira.

Afaan Oromoos ibsa armaan olii kana keessaa gahee kan qabu ta'ee,Afaan Oromo hortee Afroo-Eeeshiyaa keessaa afaan damee Kuush jalatti kan ramadamu,ardii Afrikaa keessattiafaanota gurguddoo sadeen dubbataman keessaa Afaan Arabaafi Hawusaaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu ta'uufi fayyadamtoota bal'aafi hedduu akka qabu mirkameeffatamee jira.(Bender and Mulugeta, 1976:166, Gragg, 1982).

Loogawwan ilaalchisee,hayyoota garaagaraatiin hiika garaagaraa akka itti kennamaa tureefi uumamsa isaas yaanni adda addaa itti kannamaa kan ture yoo ta'u,hiikni loogaaf kenname garee afaanii isa fayyadamtoota loogichaatiin qofa kan murtaa'u,kaayyoo dhuunfaa qofa kan galmaan ga'u,seera walqunnamtii qofaaf oolu kan qabuufi kan afaan idilee hintaane ta'uun isaa hubatamee jira. Haalli uumamsa isaa walhoruun uummataa baay'achuu,hawaasummaa,aadaafi sababii birootiin iddoo ykn qubannaa duraa gadhisuun iddoo haaraatti qubachuufi addaan fagaatanii jiraachuu irraa kan ka'e,sagaleessuufi jechoota haaraa uumamu irraa kan madde akka ta'es hubannnoo dabalataa irraa argachuun danda'amee jira. (*www.theatlanti.com/.../4247041*). Afaaniifi loogni garaagarummaa isaanii waliigaltee hawaasaatiifi waliigaltee fayyadamtootaa qofaan murtaa'uu irratti yoo ta'u,walitti dhufeenyi qaban kaayyoo tokkoof waliigalteef kan dhaabbatan ta'uufi loogni bu'uura afaanii akka ta'eefi afaan keessatti kan hammatamu ta'uun isaanii ibsamee jira. Akkasumas,loogawwan gidduutti garaagarummaan uumamuu malan bu'uurri ijoo ta'an dhiibbaa alaa kan ta'an teessumni lafaa

(geographical variation),dhimma hawaasummaa(social variation),sadarkaan barnootaa, koorniyaafi haala siyaasa hawaasichaa yoo ta'an,gama keessaatiin immoo,garaagarummaa sagaleessuu,(Pronunciationvariation) hiikaa ykn jechootaafi(lexical variation) garaagarummaa himaa akka ta'an xiinxalameejira(Crystal 1976,Banti 2008). Loogawwan lamaan irratti sadarkaa dhamsagaatii hanga himaatti jiran adda baasuun kan xiinxalameedha.Akkasumas,ilaalcha hawaasni lameen looga irratti waliif qaban ibsameera.

Akkaataan qoqqoodinsa loogawwan Oromootis,yeroo adda addaatti hayyoota garaagaraatin kan qoqqoodame yoo ta'u,qoqqooddiin kun garaagarummaa akka qabuufi ramaaddiin yookiin qoqqooddiin kutaa looga afaanichaa kana saddeetitti,kaan shanitti,kaan afuritti qooduun kan kaa'an ta'usaa qorannoo kana keesaatti adda baafachuun danda'amee jira. Afaan Oromoo bakka Oromoon jirutti kan dubbatamu yoo ta'u,looga garaagaraa qaba.

Looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu garaagarummaa isaan qaban sadarkaa dhamsagaatti jiran(sagaleessuun,akkaataa iddoo waljijjiirraa sagalootaattiifi,firoommii,waljafuu) sadarkaa jechootaatti (hiikawwan masoo,moggoo) sadarkaa himatti garaagarummaan qaban xiinxalamuun argannoowwanisaanii adda bahuun ibsamanii jiru. Kanaaf addaa addummaan loogawwan gidduu jiran keessaa ijoon addaa addummaa sagaleessuu, hiika jechootaafi caaslugaa akka ta'an dabalataan nuhubachiisa.

## 5.2. Argannoo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii walbira qabuun xiinxaluudhaan beekkumsa yookaan hubannoo dabalataa kaa'uudha.Raawwii qorannoo kana keessatti garaagarummaa loogawwan lamaan gidduu jiran argannoon qabatamaan bira gahame akka armaan gadiitti ibsameera.

### 5.2.1. Sadarkaa dhamsagaatti adda addummaa mul'atan

Loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti sadarkaa dhamsagaatti gama adda addaatiin garaagarummaa mul'isan qabu.Isaanis:

- Sadarkaa bakka galumsaa yookaan iddoo isaanii jijjiirachuun yookiin waljafuun sagalootaa jechoota keessatti garaagarummaan loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti akka uumame hubatameera.

- Sadarkaa firoommii keessatti garaagarummaan loogawwan lamaan gidduutti mul'atan irraa kan hubatamu,Waayyuun Arsii baay'inaan firoommii guutuu ta'etti fayyadamuun kan sagaleessan yoo ta'u,Jiilleen Tuulamaa garuu,firoommii gamisaatti dhimma bahuun kan sagaleessanidha.
- Hawaasni Jiillee Tuulamaa jechoota muraasarraa dhamsaga jalqabaa yoo gatan nimul'ata. Kun immoo,garaagarummaa sagaleessuu uumeera.

### 5.2.2. Garaagarummaa Sadarkaa Jechaatti Qaban.

Looggawwan Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa gidduutti sadarkaa jechootaatti unkaafi sagaleen gargar ta'anii hiikaan garuu,dhimma tokko ibsuuf oolan baay'inaan akka jiran xiinxalamanii jiru.

- Sadarkaa jechoota hiika moggoo/ qabanitti unkaafi sagaleessuun tokko ta'an hiikan gargar ta'an keessatti loogawwan JiilleeTuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti garaagarummaa isaan qaban yoo xiinxalamu hiikan tokko ta'aniillee sagaleefi unkaan baay'ee kan addaanfagaataniifi hiika isaanii hubachuuf rakkisoo ta'anis kan jiran ta'uu isaanii addabahee jira.
- Sadarkaa jechoonni hiika masoo ta'anitti /synonymous/ garaagarummaa loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti argaman itti fayyadama jechootaa keessatti unkaafi sagaleessuun tokko ta'anillee adda addummaa hiikaa akka qabaniifi loogaan akka garaagar ta'an kan isaan taasisu ta'uu ifa bahee jira.

### 5.2.3. Sadarkaa Himaatti Garaagarummaa Qaban.

Loogawwan lamaan gidduutti sadarkaa himaatti garaagarummaa qaban tajaajila himaa keessatti:

- Ijaarsi himootaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti jechoota adda adda ta'een ijaaramus,hiikni isaan kennan tokkummaa qabaachuun isaanii addaan baafachuun danda'ameera.
- Hawaasni Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii looga isaanii keessatti yemmuu hima ijaaran dhamjecha (hin-) jedhu yeroo baay'ee dhimma itti hinbayan yookiin keessaa gatuutu mul'ata. Ijaarsi himaa kun immoo,hawaasa Oromoo biroof,hiika addaa biroo

kennuufii danda'a. Kun immoo,hubachuuf rakkisuu akka danda'u addaan baafachuun danda'ameera.

- Hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduuijaarsa himaa keessatti sadarkaa sagaleessuun,waljafuun,dheeressuuniifi gabaabsuun gidduu isaaniitti garaagarummaaa akka qaban adda bahee jira.

Walumaagalatti,qorannoo kana keessatti loogawwan lameen gidduu garaagarummaa isaan qaban ilaalchisee sadarkaa dhamsagaatii hanga himaatti xiinxala godhameen argannoow-waan armaan olitti ibsaman qofatu jira ykn gahaadha jachuun bal'ina afaanichi qaburraa kan ka'e nama rakkisa. Haata'u malee,kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun xiyyeeffannoon sadarkaalee xiinxallii irratti godhamaniin garaagarummaan isaan gidduu akka jiru addaan baafachuun  danda'ameera.

## 5.3.Ilaalcha  Hawaasni Looga Irratti Qabu.

Hawaasni loogawwan afaan keessa jiran walcaalchisee waan ilaaluuf,loogni tokko qofti akka waalta'uu barbaadu. Hawaasa keessatti loogni garee aangoo qabuufi kutaa hawaasaa olaanaa ta'an akka loogawwan biroo caalutti fudhatama.

Akka ilaalcha hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii biratti mula'atutti,looga yookiin haasawaa kan kootu sirriidha jechuun looga biroo fudhachuu diduutu mula'ata. Kun immoo,sirrii akka hintaaneefi  afaan tokko keessatti loogni jiraachuun isaa bal'ina afaanichaa,afaanchi iddoo adda addaatti kan dubbatamuu ta'uusaafi afaanichi badhaadhina jechootaa qabaachuusaa agarsiisa. Hayyoota xiinqooqaa biratti garuu,loogawwan afaan tokko keessa jiran martuu walqixadha. Hawaasa lameen keessatti ilaalchi isaan qaban garuu,hawaasa Waayyuu biratti loogni Jiillee akka cabaqanitti ilaalama.

## 5.4.Yaboo

Dhimmi afaanii waan salphaafi guutummaanguutuutti kana qofa jedhamee xummuramu miti. Kunis,bal'inaafi faayidaa inni ilma namaa waliin qabu irraa yoo madaalamu waan muraasatti afaan daangessuun rakkisaa waan ta'eef. Loognis,itti fayyadama afaanii keessaa tokko waan ta'eef guutummaan guutuutti kana qofa jedhanii dhaabuun ykn xumuruun nama

dhiba. Qorannoo kana keessatti xiinxala loogawwan Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti garaagarummaa isaan qaban argannooon isaa armaan olitti ibsaman ifa baasuun danda'amee jira.

Faayidaan qorannoon kun nibuusa jedhamee eegamu kun qaamni dhimmi ilaalu hundi yoo gahee nu irraa eegamu bahanne qofa milkaa'inni argama. Milkaa'ina kana dhugoomsuuf qaama dhimmi ilaaluuf qorattuun yaboo kana dhaamtee jirti.

-Hawaasni Oromoo hundi afaan tokko keessa garaagarummaan haasawaa jiraachuu isaa hubachuun wal-danda'aniifi wal-kabajani afaan ofii guddisuuf gahee isaanirraa eegamu bahuu qabu.

- Barsiistonni afaan Oromoo barsiisan looga gidduu galeessa ta'een yookiinjechoota waaltawaatti fayyadamuun loogawwan lamaan keessatti garaagarummaa qaban walitti dhiyeessuun(araarsuun) barsiisuun kan irraa eegamu ta'a.
- Barreessitootaafi ogeeyyii kitaaba barnoota afaanii qopheessaniif,waalta'ina afaanii eeguun akka qopheessan gahee isaanii akka bahan irraa eegama.
- Hawaasni lameenuu loogni afaan tokko keessa akka uumamuu danda'u beekun,loogni hawaasa lameenuu walqixa ta'uusaa hubachuun gahe isaan irraa eegamuu bahuu qabu.
- Hayyootni xiinqooqaa garaagarummaa haasaa afaanicha keessa jiru hubachuun jijjiirama hawaasni kallattii adda addaatiin afaan irraan ga'u qo'achuufi kitaabilee adda addaa akka barreessaniif gulaalan gargaara.

## Wabiilee


Abiy Zegeye,et al.(2009). *Introduction to Research Methods (Preparatory module for Addis Ababa University graduate programs)*compiled by Graduate Studies and Research Office Addis Ababa University.

Addunyaa Barkeessaa(2010).*Natoo*:Yaadrimee Caasluga AfaanOromoo.Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa(2011). *Akkamtaa:* Yaadrimee Qorannoo Hujoo .Finfinnee: oromiyaa.

AddunyaaBarkeessaa(2014).*Semmoo*: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.OromiyaaFinfinee:FarEast Trading PLC.

Ali, M. and Zaborski,A.(1990).*Handbook of the Oromo Language*. Wroclaw: Maria Kowalska Stanis.

Amanu'el Raga and Samuel Adola.(2012). *''Homonymy as a barrier to mutual Intelligibility amonge speakes of varios dialects of Afan Oromo*."Collede of Social Science and Law, Jimma University. Jimma, Ethiopia.( Unpublished.)

Banti, G. (2008).*'Oromiffa' In S. Uhig. (ed.)* Encyclopedia Aethiopica, Wiesbaden: Otto. Harrasowitz.

Bryan &Tucker (1956).*The Non Bantu language of north eastern Africa*.Oxford:Oxford University.

Chambers and Trudgill (1980) *Variation and change in English.* www.ucd.ie.introling.varcheng

Chembers Trudgil .( 2004).*Dialectology*.Combridge, combridge University.

Cohen, J. (1963). *Structure du Language Poétique*. Flammarion, Paris.

Crystal, D.(1997).*The Cambrige Encyclopedia of Laguage*. 2nd ed. Cambrige: Cambrige: University press

Dalby.A .(2004).*Dictionary of language*.londan A& C Black publishers.

Dastaa Dassaalany(2013). *Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee:Far East Trading PLC.

Gosaa Nagaash(2016).*Xiinxala loogawwan Afaan Oromoo Arsiifi Haragee*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriif Dhiyaate. Yuuniivarsiitii Finiffinnee.

Goshgarian,G.(2001). *Exploring Language*, *9$^{th}$ed*. New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

Gumii Qormaata Afaan Oromoo .(1990). *Wiirtuu: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Jiildii-3.* Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa Commercial printing Enterprise.

Kebede Hordofa(2009).*Towards genetic classification of the Afan Oromo dialects (Unpublished PhD Dissertation).* The University of Oslo: Sweden

Keith,B.(2009).*Concise Encyclopedia of language of the world.(ed.).*University of Cambridge: Cambridge, Uk. Elsevier Ltd.

Kothari,C.R.(1985).*Research Methodology, Methods and Techniques.2$^{nd}$ ed*.New Delhi: New AgeInternational Ltd, publishers.

Kumar. R. (2005).*Research Methodology*: A Step by Step Guide for Bigginers. London: sage Publication.

Munro M, Derwing TM.(1995).*Processing time,ccent, and comprehensibility in the perception of native and foreign-accented speech*. Language and Speech.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kutaa9$^{ffaa}$*: Kitaaba barataa: Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

Rogers CL, Dalby J, Nishi K.(2004).*Effects of noise and proficiency level on intelligibility of Chinese accented English*. Language and Speech

Stephany ,B.(2015).*Dialect and Influences on the Academic Experience of College Students.* The Journal of Higher Education, Volume 86, Number 5, September/October 2015, pp. 777-803(Article) Ohio State University.

Wolfram,(1999).*Dialects in schools and communities.* Mahwah:Lawrence Erlbaum Associate Publishers.www. Princeton.ed./.../ Chomsky_Rev. pds.

............(2014).*Dialectology and standardization*.Yuunivariitii Saayinsiifi Teknoolojii Adaamaa :Muummee Afaan Oromoo.unpublish

Cambridge Dictionary (ND) https://dictionary.cambridge.org/dictionary/english/dialect

# Dabalee- A

**Gaaffilee Hincaaseffamne Afgaaffiif qophaa'an**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA,QU'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII.**

Qorattuun barattuu Afaan Oromoo digirii 2[ffaa](MA)tiif gamisaan guuttachuuf qorannoo kana kan gaggeesitu yoo ta'u,kaayyoon qoraannoo kanaa **garaagarummaa haasawaa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduuttti mul'atu gama xinqooqa hawaasummaatiin** qaban adda baastee hubannoo yookaan beekumsa dabalataa kennuuf. Kaayyoo qorannoo kanaa mirkaneessuuf ammoo,odeeffannoo argachuun barbaachisaadha. Mala odeeffannoon ittiin argamu keessaa abbaan afaanichaa madda odeeffannoo isa murteessaadha. Kanaafuu, kabajamtoonni odeefkennitoota kaayyoo kana hubattanii odeeffannoo naaf kennuu keessaniif isin galateeffadha!

**Kutaa I. odeeffannoo waliigalaa**

1.Iddoo jireenyaa.Aanaa________________ Ganda_______________

2. Umrii, Dh_____ Du______

3. Sadarkaa barnootaa___________________

4. Gahee hojii________________________

Deeggarsa naaf taasistaniif ulfaadhaa! Horaa bulaa!

| Jechoota Looga Jiillee Tuulamaa | Jechoota Looga Waayyuu Arsii |
|---|---|
| *Irraanfachuu* | *Irraanfatuu* |
| *Ku'alama* | *Kudha lama* |
| *Ka'aa* | *Kadhaa* |
| *Ulfaa'u* | *Ulfaadhu* |
| *Irreecha* | *Irreessa* |
| *Jabaa'u* | *Jabaadhu* |
| *Qal'aa* | *Qaldhaa* |
| *Hir'uu* | *Dhidhuu* |
| *Fuu'ame* | *Fuudhame* |
| *Okkolaa* | *Hokkolaa* |
| *Qaqal'isuu* | *Qaqadhisuu* |
| *Fe'uu* | *Fedhuu* |
| *Kaka'u* | *Kakadhu* |
| *Offaltii* | *Hoffaltii* |
| *Baqsuu* | *Bassuu* |
| *Tiksi* | *Tissi* |
| *Mii'agduu* | *Midhaadduu* |
| *Micoo* | *Mucattii* |
| *Akkam* | *Attam* |
| *Bishaan* | *Bisaan* |
| *Bassoo* | *Bachoo* |
| *Deesse* | *Deette* |
| *Abjuu* | *Eebjuu* |
| *Shuummoo* | *Shiimoo* |
| *Gumgumuu* | *Gungumuu* |
| *Alooyyee* | *Dhibee horii* |
| *Beellamuu* | *Haagansuu* |
| *Okkotee/kurfoo* | *Ottee* |
| *Bodeettii/fokkiftuu* | *Bushooftuu* |
| *Adabuu* | *Itti yaasuu* |
| *Busqee/jaalallee* | *Jaalalloo/goshoo* |
| *Bosoqa* | *Caffaa* |
| *Coqorsa* | *Qorxoo* |
| *Dabalate* | *Eda'ate* |
| *Ejjachuu* | *Dhaabatuu* |
| *Addacha* | *Muka ajoo* |
| *Dubbii* | *Qaaqa* |
| *Waraabessa* | *Hobolaa/halaala/bineensa* |
| *Walakkaa* | *Hodhakkaa* |
| *Yaami* | *Waami* |
| *Doolche* | *Kaareessaa* |
| *Kinoo* | *Kunoo* |
| *Foqoquu* | *Shunquuquu* |

Gabateen armaan olii kun,garaagarummaa loogaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu jiru xiinxaluuf odeeffannoon ittiin walitti qabamedha.

# DABALEE-B

**Odeeffannoo Bifa Daawwannaatiin Argaman**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA,QU'ANNOO AFAANII,JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKL**OORII.

| Looga Jiillee Tuulamaa | Looga Waayyuu Arsii |
|---|---|
| *Go'i* | *Godhi* |
| *Baay'ee dheeraa* | *Loxxobbaa* |
| *Ugaa* | *Dhugaa* |
| *Ijoollee* | *Ujoollee* |
| *Abdachuu* | *Hedatuu* |
| *Sokkii hibboo!* | *Deem narraa!* |
| *Na gajabse* | *Na dadhabsiise* |
| *Eechaa* | *Eessaa* |
| *Bashaa'a* | *Gaariidha/misha'a.* |
| *Nutti himi.* | *Nu barsiisi* |
| *Fuul dura* | *Afoo* |
| *Dafqa* | *Fuuruu* |
| *Bilicisa* | *Mashisa / feleqqisa* |
| *Qola boqoolloo* | *Koyee* |
| *Sagalee olqabanii waamuu* | *Lallabuu* |
| *Darrattaa'e* | *Dirmammaa'e* |
| *Karaa fiticha go'i.* | *Karaa nagaya nuuf godhi.* |
| *Maaloo!* | *Yaabootii!* |
| *Albee/ goloodoo* | *Manshee* |
| *Atattamaan* | *Daddafaan* |
| *Bira /cinaa* | *Laddaya /ladda* |
| *Xinnaa* | *Diqqaa* |
| *Karaa* | *Xurree* |
| *Kibxata/lamaffoo* | *Jila/lamaffoo* |
| *Ibee* | *Dhibee* |
| *Aame* | *Dhayame/ dhaame* |
| *Wanta* | *Wanna* |
| *Akaa* | *Dhakaa* |
| *Eenggadda* | *Dheengadda* |
| *Magra* | *Marga* |
| *Kofla* | *Kolfa* |
| *Dubra* | *Durba* |
| *Adurree* | *Basurree* |
| *Oggattoo* | *Yeroosan* |
| *Faayidaa hinqabu* | *Hindabalu* |
| *Eyyoo kana* | *Dhiyeenya kana* |

| | |
|---|---|
| *Kana annee gabaa keessa foqoqaa jirra.* | *Kana dhabnee gabayaa keessa shunquuqaa jirra* |
| *Kanan je'e malee ta'u.* | *Ka ani jedhe malee hita'u.* |
| *Bishaan ugaara.* | *Bisaan dhugaara.* |
| *Baay'ee qal'atte.* | *Xiloo taate.* |
| *Horii molgoo bite.* | *Horii qululluu bite.* |
| *Kallee galle /taa'uu dide.* | *Himmilkoofne.* |
| *Isin aggeeffataara!* | *Isin dhaggeeffataara.* |
| *Eechaa dhuftaa?* | *Eessaa dhuftaa?* |
| *Dubbii saaqinaa.* | *Dubbii baasinaa.* |
| *Koottuu* | *Koo* |
| *Maaliif* | *Maa/ maaf* |
| *Hir'uu* | *Dhidhuu* |
| *Qaqal'isuu* | *Qaqadhisuu* |
| *Bishooftuu* | *Bushooftuu* |
| *Boowuu* | *Booyuu* |
| *Fittaalaa* | *Nama bareedaa* |
| *Karaa* | *Xurree* |
| *Qarqaari* | *Gargaari* |
| *Booddee* | *Maayii* |
| *Goyyoomsuu* | *Gowwoomsuu* |
| *Lakkii* | *Wa'aa* |

Gabateen armaan olii kun garaagarummaa loogaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu jiru xiinxaluuf odeeffannoo bifa daawwannaatiin walitti qabamedha.

| **Jechoota** | **Looga Jiillee** | **Looga Waayyuu** |
|---|---|---|
| *Urata* | *Lafa barii* | *Qaawala/qaawa* |
| *Soquu* | *Muka muruu/bocuu* | *Barbaaduu* |
| *Bukkee* | *Bira* | *Namaa saala lamaa/sodaataa* |
| *Alagaa /halagaa* | *Gosa kan ofii hin taane/nyaapha* | *Qabdoo manaa* |
| *Wantaa* | *Kan diina ofirraa ittisaniin* | *Heektaara hedduu bakka tokkotti* |
| *Agadaa* | *Shankoora* | *Muka boqoolloo* |
| *Dasee* | *Maashillaa misingaa* | *Hoccuu bututtaa* |
| *Kallee* | *Milkaa'ina* | *killee/ buuphaa* |
| *Qurquraa* | *Bishooftuu* | *Maqaa mukaa* |
| *Raaree* | *Bishaan cicciittee mul'atu* | *Simbira halkani* |

## DABALEE-C

**Waraqaa mirkaneeffannaa garaagarummaa looga hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii.**

Himoota mirkaneeffannaa garaagarummaa looga Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii.

1.Garaagarummaan haasawaa hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduutti nimul'ataa?

2.Garaagarummaan loogaa hawaasa lameen kanneen gidduutti sadarkaa kamfaatti mul'atu?

3.Garaagarummaajechoota moggoo jechuun jechoota unkaafi sagaleessuun adda addaa ta'anii hiikaafi itti fayyadama keessatti tokkummaa qaban niargamuu?

4.Jechoonni unkaafi sagaleen tokko ta'anii hiikaan garuu adda addaa ta'an nimul'atuu?

5.Garaagarummaan sadarkaa himaarratti hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii gidduu jiru waliigaltee nirakkisaa?

6.Hawaasni lameen looga irratti ilaalcha akkamii waliif qabu?

## WARAQAA MIRKANEEFFANNAA

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uufi wabiilee qorannoo kanaaf dubbise irraa fayyadame hunda isaanii wabiilee keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu   Zaambiyaa Abdulqaadir Kaawoo

Mallattoo ________________________________

Guyyaa _________________________________